



# BARIISAA



Bara - 47 Lak. 26 Bariisaa Adoolessa 27, Bara 2016

Sanbataa

(August 3, 2024) Qar. 10.00



## “Rifoormiin taasifame rakkoo dinagdee biyyattii kan furudha”

- Ministira Muumme Abiyyi Ahmad(PhD)

Taammiruu Raggaasaatiin

## Carraafi cancala rakkoo fooyya'iinsa gatii sharafa alaatiin walqabatan

Waaqshuum Fiqaaduutiin

**Finfinnee:** Jijjiirama siyaasaa biyyattiitti taasifameen walqabatee Itoophiyaa badhaatuufi tasgabbootuu dhaloota dhaalchisuuf mootummaan sektaroota hundatti riifoormii taasisaa jira.

Hundaa ol, dinagdee damdaneessaafi beekumsa biyya keessaarratti bu'uureffame hordofuun yeroo gabaabaa keessatti qamadii alaa galchuurraa gara alatti erguutti ce'uun danda'ameera. Dinagdee dabalatee sektaroota hunda keessatti riifoormii taasifamaa jiru milkeessuuf sharafa alaa

argachuun dhimma murteessaa waan ta'eef mootummaan tibbana fooyyessa gatii sharafa alaa taasiseera.

Gaazeexaan Bariisaas carraaleefi rakkoolee fooyya'iinsa gatii sharafaa alaatiin

Gara fuula 12tti

**Finfinnee:** Rifoormiin Dinagdee Maakaroo Itoophiyaa tibbana taasifame rakkoo dinagdee biyyattii furu ta'uu Ministeerri Muummee Doktor Abiyyi Ahmad ibsan.

Doktar Abiyyi Kamisa darbe Qoodafudhattootaa akka ibsanitti, rifoormichi Itoophiyaa hiyyummaafi idaa keessaa kan baasu waan ta'eef milkaa'inasatiif Qoodafudhattootni hundi jabaatanii hojjechuu qabu.

Murtoon riformichaa yeroof akka heexoo waan hadhaa'u fakkaatus akkuma namni

Gara fuula 15tti



Doktar Tasfaayee Kabbabaa

## Oromiyaatti jijjiiramni haala qilleensaa tamsa'ina dhibee busaa hammeessaa jiraachuun ibsame

Waaqshuum Fiqaaduutiin

**Finfinnee:** Sababa jijjiirama haala qilleensaatiin tamsa'inni dhibee busaa hammaachaa jiraachuu Biiron Fayyaa Oromiyaa beeksise. Dhibeewwan koleeraafi

Gara fuula 12tti

## Guyyaa tokkotti biqiltuu miliyoona 150 dhaabuuf karoorfame

- Bara 2011-2015tti biqiltuulee biliyoonni 32 dhaabamaniiru

Gammachuu Kadiriin

**Finfinnee:** Sagantaa dhaabbii biqiltuu Hagayyaa 13 geoggeeffamuun guyyaa sanatti biqiltuu miliyoona 150 dhaabuuf karoorfachuu Minsteerri Qonnaa ibse. Bara 2011 hanga 2015tti waliigalaan biqiltuun biliyoona 32 dhaabachuu beeksiseera.

Minsteerichatti, Raawwachiisaa Hojii Olaanaa Misooma, Eegumsaafi Ittifayyadama Qabeenya Uumamaa Obbo Faanos Mokonon Roobii darbe Gaazeexaa Bariisaaf akka ibsanitti, sagantaa dhaabbii biqiltuu guyyaa tokkoo Hagayyaa 13 gaggeeffamuun biqiltuun miliyoona 150tu dhaabbata. Dhaabbiin guyyaa tokko keessatti gaggeeffamu kun Itoophiyaan galmee dinqisiisaa addunyaarratti galmaa'uun sadarkaa jalqabaa akka qabaattu taasisa. Hanga ammaattis Sagantaa Ashaaraa Magariisaan biqiltuun biliyoona 6.2 dhaabameera.

Lammiileen biyyattii hundi hirmaannaa lammuummaa taasissuu, bakkeewwan dhaabbii biqiltuu filataman kuma



tokkoofi 165, lafa hektaara kuma 75 irratti geggeeffamuufi galmee ajaa'ibaa addunyaarratti maqaa biyyaa waamsisuuf ta'uun dhaabbiin biqiltuu guyyaa tokkoo adda taasisa.

Haaluma walfakkaatuun, akka biyyaatti dhaabbii biqilaa waggaa saddeeti keessatti Sagantaa Ashaaraa Magariisaan biqiltuu biliyoona 50 dhaabuu karoorfame, waggaa

waggaa hojiirra oolaa jira. Raawwiin waggoota saddeetii kun marsaa lamaan bara 2011-2014fi 2015-2018)tti hiramee kan geggeffamudha. Marsaan jalqabaa bara 2011-2014tti biqiltuu biliyoona 20 dhaabuuf karoorfamee keessaa biqiltuu biliyoona 25 dhabuun goolabameera. Marsaa lammaaffaa keessaa kan bara 2015 biqiltuun biliyoona 7.5 dhaabame

Gara fuula 12tti

# ODUU

## Kenni tajaajilaa Waajjira Galiwwanii Magaalaa Maqii gara dijitaalawaatti ce'aa jira

Charinnat Hundessaatiin

**Maqii:** Wayita baatii Waxabajjii dhimma hojjiif gara Maqii deemetti kenni tajaajilaa Waajjira Gali Magaalatti maal akka fakkaatu mil'annee turre. Mil'annaan keenya kun yaada abbootiin dhimmaafi ibsa ittigaafatamaa kan of keessaa qabuudha.

Jiraataan magaalatti biroo Obbo Kadir Daddaffoo hojjetaa mootummaa, ogeessa bittaa meeshaa buufata fayyaa yommuu ta'an qarshii baankiitti galchani nagayee fudhachuuf dhufuu eeranii; bu'aa ba'ii tokko malee saffisaan daqiiqaa muraasa keessatti keessummeffamuu dubbataniiru.

Kanaan dura haala kanaan saffisaan keessummeffamuun hinturre, abbaan dhimmaa dhimmasaa qabatee deddeebi'aa turuu yaadachiisani; amma sun jijjiiramee tajaajila waajjirichaa saffisaafi ittiqubanni maamilaa kan mirkaneesse ta'uu himaniiru. Tajaajila kennamaa jirus osoo sirraa'ee jedhani wanti akka hanqinaatti ka'u akka hinjirres ibsaniiru.

Maamilli Obbo Ingidaa Seefuu jedhamanis dhaabbata dhuunfaatti hojjetaa herreega ta'uufi kaffaltii gibiraa raawwachuuf dhufuu eeranii; waajjirichatti wagga kudhani oliif tajaajilamaa turanis tajaajilli kennamu akka miilanaa saffisaafi si'ataa akka hinturre himaniiru.

Haalli hojii ammayyaan uumameera. Adeemsi hojii maanuwaalii ture gara sirna dijitaalawaatti jijjiirameera. Kun ammoo maamilaaf carraa guddaadha. Kunis haala qabiinsa dokimantootaa ni ammayyeessa, badee barbaachisaa nama hindhamaasu, salphumatti argamuu danda'a. Kaffaltii baay'eenis sirnuma dijitaalaa kanaan raawwatamaa jira. Hojmaanni dijitaalawaan kun keessumaa kaffalaa gibiraatiif carraa guddaadha jedhan.

Hojjettoonni waajjirichaa hundi haala gaariidhaan maamila keessummeessu Waajjira kanatti yoo rakkoo networkii akkuma biyyaattuu mudateefi gama kaffalaa gibiraatiin waantota barbaachisan guuttachuu dhabuurraa ta'e malee as dhuftee sababiin daqiiqaafillee dhaabatamuuf hinjiru. Sababa waantoonni hundi sirnaan gurmaa'aniif yeroo daran gabaabaa keessatti dhimma kee raawwatata jechuun ibsan.

Garuu akka rakkooti kanin kaasu waa'ee dhiphina birooti. Waajjirri kun guyyaa guyyaadaa maamiloona danuu keessummeessaa oola. Iddoo maamiloona itti keessummeeffaman dhabuun waan akka qaawwaatti ka'u waan ta'eef kun otoo xiyyeeffannaa argatee sirraa'ee gaariidha jedhan.

Ittigaafatamaan Waajjira Galiwwanii Magaalaa Maqii Obbo Kaawoo Shannee gamasaaniin akka jedhanitti, "Kenna tajaajilaatiin walqaatee maashinii Daataa Maanaajimanti Sistam jedhamuufi hojii waraqa malee maamila keessummeessuu dandessisu Oromiyaarraa gargaasaan arganneerra. Nutis ogeessa irratti ramaduun sirnaan itti tajaajilamaa jirra.

Sassaabbii gibiraa karaa telee birrii adeemsisaa jirra. Namni karaa telee birrii gibira hinkaffalle ykn hinsassaabu yoo ta'e akka kenna tajaajilaa duubatti deebisuutti ilaalama. Tajaajila kana kana darbe jalqabnee barana ammoo cimsinee itifufneerra.

Rakkoon mana keenyaa hojjetaanuu bakka taa'umsaa gahaa argachuu dhabuudha. Teessoo caccabaatti fayyadamaa jirra. Kanaaf hojjetaa kanaaf teessoo gaarii, bakka hojjiis mijataa taasisnee abbaa dhimmaafis bakka mijeessuun karoora manaajimantii keenyaati.

Teessoo hojjetaatiin walqabatee abbaan qabeenyaafi diyaaspoora Obbo Bushraa Jimaa jedhaman minjaalawwan 10 bitanii nuu galchaniiru. Kan nu hafu teessoo abbaa dhimmaa mijeessuufi teessoo hojjetaa keenyaa caalaatti fooyyessuudha. Bakka hojii mijataa gochuuf guddaarratti argaman. Sassaabbii galii qofa otoo hintaane kenna tajaajilaas fooyyessuu qabna jennee xiyyeeffannaan hojjechaa jirra.

Gama galii walittiqabuutiin karoori waggaa qarshii miliyoona 238 sassaabuu abuu ture. Kana keessaa otoo kan ji'a Waxabajjii hindabalatiin qarshii miliyoona 171.28 raawwanneerra. Karoorri qabamee tures karoora daran hiixataadha. Kanaan haaluma mootummaan barbaaduun bajata magaalaa keenyaa aguugnee naannoofillee dhangalaasnu turreerra.

Waajjira keenya hanqina humna namaa qaba. Magaalotuma qixxee keenya jira keessaa Matahaaraadhuma otoo fudhannee caasaansanii gara namoota 40 qaba. Kan keenya ammoo namoota 18 qofa" jedhan.

Yaadni Bariisaan galmee yaadaa waajjiricharraa argates kan maamiloona waajjirichaa irrannatti kaasanirraa adda addummaa hinqabu. Yaadota arganne keessaa namni Seefuu Bagaashaawu jedhaman, "Yeroon dhufetti sirriitti keessummeeffameera, gammadeeras. Jijjiiramni jiru daran gaarii waan ta'eef cimtee itihaa fufu" jedhan.

Namni biraas, "Ani Obbo Abbuu Miidhagsoon jedhama. Waajjirri Gali hunda caalaa bakka hojii itti baay'atuudha. Garuu akkaataan isaan itti hojjetaniifi nama simatan baay'ee gaariidha" jechuun ibsan.

## "Haalli qubannaa hawaasaa qorannoo saayinsiitiin deggaramuu qaba"

- Waaqgaarrii Furi (PhD) hayyuu Haydiroo Ji'oolojii

Gammachuu Kadiriin

**Finfinnee:** Bala rooba hordofee mudachuu malu baraaruuf haalli qubannaa hawaasaa taasifamu saaxilamummaa balaarraa bilisa ta'uu qorannoo saayinsiitiin deggaramuu akka qabu Hayyuu Haydiroo Ji'oolojii Yunivarsitii Finfinnee Doktor Waaqgaarii Furi ibsan.


Naannawaan yaa'aa Laggeen Awaash, Oomoo Abbaayyaa maddasaaniirraa eegalee hanga xumuraaniitti jiranitti ofeeggannoon taasifamuu akka qabu Institiyutiin Metiworolooji Biyyaalessaa hubachiise.

Yunivarsitii Finfinneetti hayyuu Haydiroo Ji'oolojii Doktor Waaqgaarii Furi Kibxata darbe Gaazexaa Bariisaaf akka ibsanitti, balaan sigiga lafaa kutaalee biyyattii tokko tokkotti mudachaa jiru jalaa baraaramuuf haalli qubannaa ummataa amma jiru nageenyummaansaa qoratamuu qaba. Sigigi lafaa sirna bo'oo dhangala'oo waqtii roobaafi dhiibbaa gochoota namtolchee sababa godhachuun taatee ta'uudha jedhaniiru.

Akka ibsa isaaniitti, haala teessuma lafaa gaarren, irraagadeefi akaakuun ji'oolojii harkis dacheen itti dabalamuun sigigaannaa lafaa uuma. Teessumni lafa gaarren qabu biyyeen dhagaa, cirraachaafi dhagaa keessasaa jiruun walittiqabamee waan ta'eef sirna yaa'aa bishaanii sirnamaleessan keessaa dhiqamee duwwaa ta'uun lafti walgadhiisee akka sigigaatu ta'a. Gochoota namtolchee ijaarsa daandii, babal'ifannaa lafa qonnaatiif bosona ciruufi qotiinsa boolla albuudaan biyyeen dhiqamee lafti akka walgadhiisu taasisa.

Taateen akkasii naannawa gaarren guguddoofi sulula qinxamaatti deddeebi'ee kan mul'atu ta'uu himanii; ya'aa Lageen Awaash, Oomoo Abbaayyaa maddasaaniirraa eegalee hanga xumuraaniitti ofeeggannoon taasifamuu qaba jedhan.

Babbaqaqu lafaa, dhagaafi biyyeen bakka jirurraa darbatamanii walgadhiisuu, mukeen dhaabatani turan duufuu, ujummoon bishaan dho'uu mallattoo bala sigigaa lafaa agarsiisu. Kanaafuu, yeroo mallattoolee



Kutaalee biyyattii bala rooba gannaa hordofee dhufu malu jalaa baraaramuuf ofeeggannoo gochuu barbaachisa

kunneen mul'atan haalli qubannaa ummataafi teessumni lafaa qoratamee bu'aa qorannoo argameen sadarkaa tokkoffaa, lammaffaafi daran sodaachisaa jechuudhaan adda ba'ee bakka biraa qubachiisuun baraachisaadha.

Balaa dhaqqabu hir'suufis battala balaan sigiga lafaa mudatetti fiiguun bala boodaan dhufuuf waan nama saaxiluuf ogeessa ji'oolojiin deggaramuun lubbuu baraaruuf yaaluun barbaachisaadha jedhaniiru.

Inistiitiyutii Metiworolooji Biyyaalessaati Daarektarii Ittaanaan Raaga Metiworolooji, dursanii akeekkachiisuufi Damee Qorannoo Asaamminoo Tashoomaa (PhD) kutaalee Itoophiyaa rooba ulfaataa argatu jedhamanii eegamanitti bala rooba hordofee dhufurraa of eeggannoon taasifamuu akka qabu ibsaniiru. Keessumaa yaa'aa Lageen Awaash, Oomoo Abbaayyaa maddasaaniirraa eegalee hanga xumuraaniitti of eeggannoo cimaan taasifamuu qaba jedhaniiru.

Dimshaashumatti, Affaar Kibbaa, Awaash Arbaa, Adaamaa, Matahaaraa, Shawaa Bahaa, Naannoo Sidaamaa, Itoophiyaa Kibba Dhiyaa, Naannoo Amaaraa Bahaa, Kutaalee Itoophiyaa Kibbaafi Tigraay Bahaatti sa'aatii 24: keessatti miliimeetira 30 ol roobuun rooba ulfaataan ni eegama. Kanaaf, eeggannoo barbaachisaan taasifamuu akka qabus dhaamaniiru.

## "Hanga halkan sa'aatii 6:00tti hojjechuun tajaajila kaadaastaraa Asallaa si'eessaa jirra"

- Obbo Abbabaa Rattaa

Waasihun Takileetiin


**Asallaa:** Kenniinsa tajaajilalaafi hojii kaadaastaraa si'eessuuf halkan hanga sa'aatii 6:00tti hojjetaa jiraachuu Ittigaafatamaan Waajjira Lafaa Magaalaa Asallaa ibsa.

Ittigaafatamtichi Obbo Abbabaa Rattaa tibba darbe turtii gaazexaa Bariisaa waliin taasisaniin, lafti lafee dugdaa dhala namaa ta'e to'annaafi sirna kaadaastaraan hogganamu dhabuun alseerummaaf saaxilamaa turuu dubbatu. Magaalattiitti, kaartaarratti kaartaa dabalataa kennuun, hanni, saamichiifi hojmaatni badaan biroo

bal'inaan raawwatamaa turaniiru.

Alseerummaafi deddeebii maamilaa hambisuun tajaajila si'ataafi qulqullina qabu waliingahuuf waajjira lafaatti kenniinsi tajaajilaa halkan keessaa hanga sa'aatii 6:00tti hojjetamaa jiraachuu beeksisaniiru.

Kenniinsi tajaajilaa hanga halkan sa'aatii 6:00tti kennamuu eegalusaatiin deddeebiin maamiloona hir'ataa jiraachuu kan ibsan Obbo Abbabaa; hojjetoonni miira gammachuunfi kankooti jedhuun tajaajilaa jiraachuu dubbataniiru.



Suurri: Gabaaboo Gabreetiin Wayita tajaajilli halkanii kennamutti

Gara fuula 12tti

# ODUU

## Dargaggooti biyya ceesisuuf nageenya mirkaneessuu qabu

Gammachuu Kadiiriin

**Finfinnee:** Dargaggooti biyya ceesisuuf nageenya amansiisaa dursanii mirkaneessuu akka qaban dargaggootni Wallaggaa Bahaafi Harargee Bahaa ibsan. Kanaafis, gurmaa'insi dargaggootaa cimaan barbaachisaa ta'uu ibsaniiru.

Miseensi Koree Raawwachiiftuu Hojii Waldaa Dargaggoo Godina Harargee Bahaa, Dargaggoo Abdusamad Xaayeer Gaazexaa Bariisaaf akka ibsetti, dargaggootni biyya ijaarani ceesisuuf dursanii nageenya naannawaasaanii mirkaneessuu qabu. Kanaafis, gumaa'insi dargaggootaa cimaan murteessaa ta'uu ibseera.

Akka ibsa Dargaggoo Abdusamaditti, nageenya biyyaa tiksuf hirmaannaa dargaggootni godinichaa gaachana sirnaafi Raayyaa Ittisa Biyyaa keessatti taasisaniin nageenyi godinaasaanii fooyya'uu danda'ameera. Fooyya'insa nageenyaa uumameen yeroo ammaa hojiin tajaajila lammummaan biqiltuu dhaabuu, mana harka qalleeyyii ijaaruu, dhiiga arjoomuu, daandii suphuu qabatamaatti adeemsifamaa jira. Dargaggootni adda dureen ta'uun inisheetiivivwan mootummaan gadbuuse sirnaan hojiirra akka oolu taasisuun bu'aa inisheetiivivwanirraa argamutti fayyadamoo ta'aa jiru. Horsiisa beeyiladaa, lukkuufi kanniisaafi qonnarratti akka hirmaatan taasisuun omishaafi omishitummaa guddisuu himce; dargaggootaafi carraa hojii uumuudhaa tattaaffii wabii midhaan nayaataa cimsaa jiraachuu ibseera.

Lammiin beekumsaafi kalaqaan deggerame annisa jijjiiramaafi egeree biyyaa waan ta'eef barattootni yunivarsiivivwan dhuunfaafi mootummaarraa gara qe'eesaaniitti galan ganna keessa barnoota dabalataa akka argataniif fooyya'uun nageenya godinichaa murteessaadha. Marii biyyaalessaa keessatti hundumatu hirmaachuun rakkoo biyyaa mariin furuuf nageenyi fooyya'e gumaacha olaanaa qabaachuu dubbatee; bu'aa nageenyaa hanga ammaatti argameef hirmaannaan dargaggooti godinichaa nageenyaaf dursa kennaniin ta'uu ibseera.

Godina Wallaggaa Bahaa aanaa Saasiggaarraa kan dhufe Dargaggoo Daawwit Yohaannis dargaggootni godinichaa nageenya naannawaasaanii mirkaneessuuf xiyyeffannaa duraa waan kennaniif nageenyi godinichaa fooyya'aa jiraachuu ibseera.

Nageenya fooyya'aa jiruun hojiiwwan tajaajila lammummaan biqiltuu dhaabuu, mana harka qalleeyyii ijaaruu, daandiifi riqicha dulloome suphuu walqabatee aanaalee godinichaa 18 keessatti dargaggootaan raawwatamaa jira. Dabalaatins, inisheetiivivwan mootummaan gadbu'an addadurummaan hojiirra oolchuudhaan fayyadamoo ta'aa jiru. Inisheetiivivwan qonnaa kanneena akka horsiisa lukkuufi kanniisaa, furdisa loonii, qonna ruuziiratti gurmaa'uun ofiis fayyadamanii biyyaafis bu'aa qabatamaa argamsiisaa jiru.

Nageenyi mul'achaa jiru walddhabdee mariin akka furamuuf milkaa'ina marii biyyaalessaa geggeeffamaa jiruuf dargaggootni adda duree ta'anii ga'eesaanii akka ba'an taasisuu himce; Wallaggaa barnootaanis dorgomaa taasisuuf ganna yeroo boqonnaasaanii barattootni baraumsa dabalataa argatani akka cimaniif nageenyi murtessaa ta'uu ibseera.

Bu'aaleen argaman kunneen hirmaannaa dursaa dargaggootni gaachana sirnaafi Raayyaa Ittisa Biyyaatti makamuudhaan nageenyi fooyya'aa waan argameef ta'uu ibseera. Yeroo ammaa kana miseensotni gaachana sirnaa godinichaa baayyeensaani dargaggoota umuriinsaani 18-35 gidduu ta'uu qabatamaa taasisa.

## Gaambeellaatti waltajjii ajandaa walitti qabuurratti lammiileen kuma tokkoofi 300 hirmaachaa jiru

Gammachuu Kadiiriin

**Finfinnee:** Waltajjii ajanadaa marii walitti qabu naannoo Gaambeellaatti gaggeeffamaa jirurratti lammiileen kutaalee hawaasaa garagaraarra babahan kuma tokkoofi 300 hirmaachaa jiraachuu Komishiniin Marii Biyyaalessaa ibse. Sagantaan ajandaa marii walitti qabu naannoo Beenishaangul Gumuz Adoolessa 23 goolabameera.

Komishinichatti, qindeessaan calallii hirmaattotaafi waltaasisaan Naannoo Gaambeellaa Obbo Sisaay Gobasaa akka Kamisa darbe Gaazexaa Bariisaatiif ibsanitti, Adoolessa 22 irraa eegalee waltajjii marii ajandaa walitti qabu naannichatti adeemsifamaa jirurratti lammiileen kuma tokkoofi 300 hirmaachaa jiru.

Hirmaattonnis mari'atanii ajanadaa marii hawaasa naannichaa ibsu adda baasuun komishinichaaf akka dhiyeessan eeranii, yaadimee marichaafi ajandaaleen akkamitti akka addaan baafamaniratti ibsi kennamuun marichi eegalamuu ibsaniiru.

Marichi Wiixata, Adoolessa 22 bara 2016 irraa eegalee namoota bebbeekamoo 300, qaamolee qoodafudhattootarraa namoota 350 akkasumas kutaalee hawaasaa aanaalee 14 irraa ba'aniin geggeeffamaa jiraachus qindeessichi dubbatanii, dubartoota, dargaggoo, afoosha, hawaasa daldaloota, barsiisota, buqqaattonni qaamolee hirmaatan keessaa akka fakkeenyaatti kaasaniiiru.

Hirmaattonni gareetti qoqqoodamuudhaan mariisaaniisaanii ittifufuu himanii; ajandaa gareen walitti qaban akka hawaasa tokkootti



Waltajjii marii biyyaalessaa Gaambeellaarratti buqqaattonnis hirmaataniiru.

deebi'anii irratti mari'achuudhaan ajanadaa marii biyyaalessaa hawaasicha bakka bu'u akka mirkaneessan eeraniiru.

Erga mirkaneessanii booda namoota marii biyyaalessaarratti hirmaatan kutaalee hawaasaa 10irraa namootni 60 adda ba'an Kamisa darberraa eegaluun mari'ataa jiraachuu ibsaniiru.

Mariin geggeeffamaa jiru hirmaachisaafi hunda hammataadha kan jedhan Obbo Sisaay; hirmaattota keessaa dhibbanataa 30 dubartoota ta'uun marichi hirmaachisaafi hundagaleessa ta'uu akka agarsiisu eeraniiru.

Guyyoota jalqabaa sadanitti hirmaattotni

aanaalee 14 irra walittidhufan afaan Anyuwaakiifi Nyuweerii waliif ibsuunsaanii iftoomina marichaa kan agarsiisu ta'uu himaniiru.

Paartiilee siyaasaa hirmaachuudhaan yaadimee marichaa akka hubatan taasifamuu kan eeran qineessichi, waltajjichi hanga Boruutti kan ittifufu ta'uu dubbataniiru.

Waltajjiin ajandaa walitti qabu kun Naannoo Beenishaangul Gumuzitti Adoolessa 17 hanga Adoolessa 23 bara 2016tti kan gaggeeffame yoo ta'u, hirmaattonni naannicha bakka bu'uun waltajjii biyyaalessaarratti hirmaatanis addaan baafamaniiru.



oyiruu mishingaan uwwifame

## Godinichatti lafti hektaarri kuma 54 sanyiidhaan uwwifamee

Taammiruu Raggaasaatiin

**Finfinnee:** Naannoo Amaaraa, Godina Addaa Saba Oromootti qonna ganna baranaatiin lafa heektaara kuma 58.8 sanyii midhaanii akaakuuwwan garagaraatiin uwwisuuf karoorfamee hanga ammaatti lafti hektaarri kuma 54 sanyiidhaan uwwifamuu Qajeelchi Qonna Godinichaa beeksise.

Ittigaafatamaa Ittaanaan qajeelchichaa Obbo Hasan Sayid ibsa Roobii darbe Gaazexaa Bariisaaf kennaniin akka jedhanitti, godinichi lafa makaanaayizeeshiniifi jalisiidhaan misoomee omishitummaa qonnaa dabaluufta'u bishaan gahaa waliin kan qabuudha.

Godinichatti caalaatti mishingaatu omishama kan jedhan Obbo Hasan; lafa sanyiin uwwifame

kana keessaa hektaarri kuma 35 sanyii midhaan mishingaatiin omishamuu ibsaniiru.

Godinichatti sanyiin mishingaa naannoofi mishingaa sanyii filatamaa facaafamaa kan jiru ta'uu himanii; qajeelchichi omishaafi omishitummaa qonnaa dabaluufta'u sanyii mishinga filatamaa haala qilleensaa waliin walsimu kuntaala kuma tokkoofi 600 baay'isuun qonnan bultootaaf rabsuusaa yaadachiisaniiru.

Eblaafi Caamsaa keessa sanyiin mishingaa naannawaa kan facaafame yoommuu ta'u, sanyiin filatamaan ammoo ji'a Adoolessaa torbee jalqabaarraa eegalee hanga ammaatti facaafamaa jiraachuu dubbataniiru. Haaluma walfakkaatuun godinichatti xaafiin Waxabajjii jalqabaa kaasee hanga dhuma Adoolessatti ni facaafamas jedhaniiru.

Karooora omishaa kana milkeessuu keessatti dhiyeessiin galtee qonnaa murteessaadha kan jedhan Obbo Hasan; barana godinichaaf xaa'oo kuntaalli kuma 29 dhiyaateera. Xaa'oon barana dhiyaate kunis kan bara darbe dachaa sadiin akka caalus eeraniiru.

Rakkoon nageenyaa naannichatti mul'atu qonnaan bulaan yeroodhaan omisha akka hinomishneefi dhiyeessii barbaachisan yeroofi akkaataa karoorfameen akka hin dhiyaanne gochuun hojii qonna godinichaa kan gufachiise ta'uus Obbo Hasan ibsaniiru.

Ashaaraa Magariisaa faana walqabatee godinichatti barana biqiltuu miliyoona 14 dhaabuuf karoorfamee hanga ammaatti biqiltuu miliyoona saddeet dhaabuun danda'ameera jedhaniiru.


# Mijuu

**BARIISAA SANBATAA** Adoolessa 27 Bara 2016

**“Ummanni Oromoo qaama  
kamuurra uumama  
wajjin hariiroo cimaa qaba”**

- *Doktar Dirribaa Tarrafaa*

*fuula* **11**



**“Amma kan nu baasu  
walkabajuufi nagaan waliin  
jiraachuudha”**

- *Doktar Luba Tolasaa Guddinaa*

*fuula* **6**



**Fooyyessa Imaammata  
Dinagdee Maakroo  
Itoophiyaafi dhaabbilee  
faayinaansii addunyaa walitti  
araarse**

*fuula* **9**

# Ijoo Dubbii

## Milkaa'ina fooyyessa dinagdeetiif hunduu haa gumaachu

Itoophiyaan keessumaa waggoota jahan darbanitti dinagdee mandhaleerratti xiyyeeffattee hojiilee fooyyessa damichaarratti hedduus raawwateetti; badhaadhina biyyaafi ummataa mirkaneessuuf. Adoolessa 21 bara 2016 irraa kaastee ammoo fooyyessa dinagdee gooroo guutuutti galteetti.

Kaayyoo ijoo fooyyessichaas galii mootummaa guddisuu, baasiifi hirpha mootummaa bu'aqabeessa gochuu, sirna caasaa fandii sooramaarratti jijjiirama hojiirra oolchuu, dhaabbilee misoomaa mootummaa bu'aqabeeyyiifi dorgomoo gochuufi bulchiinsa liqqi mootummaa bu'aafi ittifufiinsa akka qabaatu taasisuudha.

Rakkoleen turanis dhiibbaa idaa, qaala'insa gatii, hojdhaddummaa jijjiirama tirannaa adeemsa dinagdee, omishtummaa gadaanaa dameelee omishaa, raawwii gadaanaa pirojektota misoomaa, qisaasama qabeenyaafi idaawwan addaddaa dhaalamaniidha.

Adeemsi fooyyessa imaammataafi seeraa kun dinagdeen biyyattii gara tasgabbiitti akka ce'u abdi haaraas fideera. Imaammanni fooyyessa dinagdee mandhalee boqonnaa Iffaan bara bajataa 2011 hojiitti gale bu'aawwan hedduu buusuun manii qabame milkeesera.

Hojiileen hafan jiraatanis madaallii eeggachuu dhabuu dinagdee sirreessuuf, dhiibbaa idaa salphisuu, humna omishaa biyya keessaa guddisuu, maddoota dinagdee bal'isuu, carraa hojii uumuufi rakkooowwan bu'uurra sirreessuuf carraaqii taasifameen bu'aan argameera.

Itoophiyaan waggoota jahan darban addunyaarratti tarree biyyoota guddina dinagdee saffisaa galmeessuun eeraman keessaa tokko taateetti. Bara 2010 irraa eegalee hanga 2015tti guddinni waliigalaa biyya keessaa Itoophiyaa giddugaleessaan harka 7.1 irra gaheera.

Kanaanis Itoophiyaan Afrikaarraa biyya dinagdee cimaa qabdu taateetti. Manii guddina dinagdee waaraa milkeessuufis kutannoo qabdu mirkaneessiteetti. Itoophiyaan gaanfa Afrikaarraatti biyya dinagdee dilbii isa guddaa galmeessite taateetti. Humni galii walittiqabuu mootummaas fooyya'eera.

Waan hafeef immoo fooyya'iinsi dinagdee mandhalee marsaa 2ffaa hojiirra jirus kutannoo mootummaan jijjiirma fiduuf qabu kan mirkaneessuudha. Sagantaan kun utubaalee afuriratti kan caaseffame yoo ta'us isaanis; hammattoo imaammataa tasgabbiin dinagdeefi ittifufiinsasaaf tumsuufi fayyaaleessa ta'e bu'uuressuuf.

Akkasumas hojiilee kalaqaafi investimantiifi haala mijeessaniifi dorgomaa ta'an guddisuu; omishaafi omishtummaa biyya keessaa jabeessuufi tajaajila qulqullina qabu kennuuf dandeettii mootummaa guddisuu fa'i. Fooyyessi dinagdee kun Dhaabbata Maallaqa Addunyaa, Baankii Addunyaafi tumsitoota misoomaa biroonis kan deeggamuudha.

Egaa, Itoophiyaan biyya waliigalteewwan idiladdunyaa hedduu mallatteessite waan taateef fedhiifi faayidaashee kabachiifachuuf addunyaa waliin tarkaanfachuunis dirqama.

Akka hayyoonni damichaa eeranitti fooyyessi ykn jijjiiramni taasifamu kamuu carraa qofa osoo hintaane rakkoo mataasaas qaba. Biyyootni hedduun hudhaa guddina dinagdee isaan mudate keessaa ba'uuf fooyyessa gatii sharafa alaa taasisuun carraa gabaa bal'aa argachuu maddiitti alergiinsaanii akka gaddatu taasisaniiru.

Daldalli seeraan alaa sharafa alaa argachuuf taasifamu adaba qabachuun sochiin daldalaa kamuu gara seeraatti deebi'ee guddina dinagdeetiif akka gumaachu taasisa.

Gatiin sharafa alaa waan gabaadhaan murtaa'uuf abbootii qabeenya biyya alaa haalaan kan hawwatu, omishtummaa kan dabaluuuf carraa hojii bal'aa kan uumuu ta'a.

Biyyootni akka Keeniyaa, Gibxii, Morookoo, biyyoota Arabaa hedduufaan fooyyessa dinagdee gooroo taasisan of eeggannoon hojiirra oolchuun milkaa'ina guddaa gonfataniiru. Faallaa kanaatiin Sudaan fooyya'iinsi gatii sharafa alaa taasisteen milkaa'uu hindandeenye. Sirumayyuu gaaga'ama hamaaf saaxileera.

Biyyattiin gatii sharafa alaa fooyyessitus malaammaltummaafi daldalli kontiroobaandiin dagaaguun raafama dinagdee keessatti akka kufu taasisera.

Rakkolee fooyya'iinsa gatii sharafa alaatiin walqabatanii dhufan akkanaa maqsuuf ammoo haaldureewwan kaa'aman of eeggannoon hojiirra oolchuu barbaachisa.

Kanaafis akkuma Ministirri Muummee Abiyyi Ahmad (PhD) jedhan jijjiirama dinagdee gooroo kana qeenxeedhaan utuu hintaane guutummaasaa ilaaluu barbaachisa. Milkaa'inasaatiifis hunduu gumaacha hubannaafi beekumsarratti hundaa'e gochuu qaba.

## Yaada/Ajandaa



## Yeroo gannaa kana of eeggannaafi dammaqinaan

### Charinnat Hundeessaatiin

Yeroo gannaa kana oggaa bokkaa cimaa roobu muka guddaafi tabba wayii jalatti dheessuun ykn dahachuun ni jira. Roobni cimaa lafa ol jedhaatti roobe walqabatee lafa gadjallaa jurratti dhangala'uun namas ta'e qabeenya miidha. Bishaan bifa lolaatiin lafa ol ka'arraa dhangala'u kanaan lagnis guutee warra gadjallaa jiran miidhaa tasaatiif saaxiluu mala.

Akka haala qilleensaa biyya keenyatti ammoo yeroon amma keessa jirru tibba gannaa ta'uun beekamaadha. Bokkaa cimaa rooba. Kanaan ammoo lagni ni guuta, akkuma naannawwan biyya keenyaa tokko tokkoofi biyya akka Hindiifaatti mul'ate sigigni lafaas mudachuu danda'a.


Itoophiyaan biyya haala teessuma lafaa adda addaa qabduudha. Haalota teessuma lafaa kanneen keessaa harka 49 sigiga lafaa sadarkaa olaanaafi jiddugaleessaatiif kan saaxilamu ta'uu hayyoonni damichaa argannoo qo'annoorratti hundaa'uun ni ibsu.

Lafti biyyattii harka walakkaa ta'u balaa sigigaatiif kan saaxilame ta'uun daran yaadessaa waan ta'eef dursee malli dha'amuufi hawaansis dammaqinaan of eeggachuu akka qabuudha hayyoonniifi dhaabbileen akka Mitiworoljii irraddeddeebiin kan gorsan.

Balaa sigiga lafaa kun akka Naannoo Itoophiyaa Kibbaa, Godina Goofaa hamaa ta'uu baatus tibbanuma Godina Kafaa; Naannoo Amaaraa Magaalaa Dasee; Naannoo Sidaamaa, Godina Jiddugaleessaa, Magaalaa Dirre Dhawaa, akkasumas Oromiyaa lixaa, naannawa Jimmaa fa'itti mul'achuu miidiyaaleen adda addaa gabaasaa turaniiru.

Akka ragaan Inistiitiyuutii Mitiworoljii Biyyaaleessaa biraa argame ibsutis kutaalee biyyattii tokko tokkotti roobni cimaa balaa lolaa tasaafi sigiga lafaa hordofsiisu ni jiraata.

Inistiitiyuutichi haala qilleensaa guyyoota kudhanii ilaalchisee ibsa kenneen, bara Faranjootaa 2024 jalqaba baatii Hagayyaa eegalee kutaaleen biyyattii Rooba waqtii gannaa argatanitti hammi roobaa caalmaatti cimaa akka ittifufu eereera.



Kutaalee biyyattii tokko tokkotti roobni idileen olii balaa lolaa tasaafi sigiga lafaa hordofsiisu kan roobu ta'uu raageera. Kutaaleen Lixaa, Kaaba Lixaa, Kaaba, Kaaba Bahaafi giddugaleessi biyyattii hamma Roobaa cimaa kan argatan ta'uus himeera.

Hammi Roobaa cimaa ta'e kun balaa lolaafi sigiga lafaa hordofsiisu waan danda'uuf hawaansis dursee of eeggannoo akka taasisu waan hubachiiseef fudhatanii hojiirra oolchuun daran murteessaadha.

Godinni Buunoo Beddellee, Iluu Abbaa Boor, Jimmaa, Godinaalee Wallaggaa, Shawaa, Arsii, Harargee Lixaa, Magaalaa Finfinnee, Dirre Dhawaa fi Hararii dabalatee kutaaleen biyyattii hedduun rooba giddugaleessaa hanga idileen olii kan argatan ta'uu inistiitiyuutichi waan raageef jiraattonni naannawwan kanneenii of eeggannaafi dammaqina barbaachisaa gochuu qabu.



## Bariisaan

Guraandhala bara 1969 hundaa'e.

Torbanitti al tokko, guyyaa Jimaataa,

Dhaabbata Pireesii Itoophiyaatiin maxxanfamaa ture. Waxabajjii

1,2011 irraa eegalee Sanbata maxxanfamaa jira.

Hoji Gaggeessaa Olaanaa Dhaabbata

Pireesii Itoophiyaa

Lakk. bilbilaa - 011-126-42-22

Email :- [epa@press.et](mailto:epa@press.et)

**Gulaalaan**

**Charinnat Hundeessaa**

Lak.Bilbilaa 011-126-42-08

[chhundessa@yahoo.com](mailto:chhundessa@yahoo.com)

[email-cherenethundessa@press.et](mailto:email-cherenethundessa@press.et)

Teessoon:Kutaa Magaalaa Nifas Silki Laaftoo

**Qopheessitootni:**

*Saamraawit Girmaa*

*Natsaannat Taaddasaa*

*Bayyanaa Ibraahim*

*Waasihuun Takilee*

**Adeemsisaa Hojii**

*Bil. 011-126-42-22*

**Kutaa Beeksisaa:**

*Bil. 011-156-98-73*

**Raabsa Gaazexaa**

*Bil.011-157-02-70*

**Faaksii Kutaa Qophii**

*251-011-1-5698-62*

*L.S.P 30089*

*email-bariisaa@press.et*



*Ethiopian Press Agency*


## KEESSUMMAA BARIISAA

# “Amma kan nu baasu walkabajuufi nagaan waliin jiraachuudha”

- Doktor Luba Tolasaa Guddinaa

Natsaannat Taaddasaatiin

*Keessummaan keenya maxxansa kanaa Paastarii Olaanaa Waldaa Warra Wangeelaa Itoophiyaa Atlaantaa Doktor Luba Tolasaa Guddinaati. Gaafdeebii torban lama dura dhimmoota nageenyaa, araaraa, marii biyyaalessaa, dudhaalee jaalalaafi tokkummaan waliin jiraachuu, jijjiirama akka biyyaatti mul’achaa jiruufi dinagdeedhaan of danda’anii jiraachuuf maal gochuu akka barbaachisurratti xiyyeeffachuun Luba Tolasaa waliin taasifne akka armaan gadiitti dhiyeessineera.*



**Bariisaa:** Bakka dhalootaa, haala barnootaafi muuxannoo hojii keessanii gabaabaatti utuu nuu ibsitani?

**Luba Tolasaa:** Naannoo Oromiyaa Godina Wallagga Lixaa, Aanaa Innaangoo, Magaalaa Dongoroo Diisiittin dhaladhee guddadhe. Barnoota koo sadarkaa tokkoffaa Mana Barnootaa Boojjii Dirmajjiittan baradhe. Barnoota koo sadarkaa lammaffaa ammoo Kolleejjii Warra Wangeelaa Bishooftuuttan hordofe.

Akkuman barnoota koo sadarkaa lammaffaa xumureen hojii mootummaan jalqabe. Hojjichis odeeffannoo walitti qabuu ture. Hojii kana waggoota afuriif ergan hojjedhee booda barsiisummaadhaan mindeeffameen hojjechaa ture.

Barsiisummaan mindeeffamee utuun yeroo dheeraa hinhajjettiin Seeminarii Makaana Yesuus seenee waggoota afuriif ergan Ti’ooloojii baradhee xumuree booda barnootaaf biyya alaa deemee ‘Uppsala University’ jedhamuufi Siwiidinitti argamutti barnootuma Ti’ooloojii kanaan lubummaan eebbifamee waggoota lamaaf Siwiidiinumatti tajaajilaa ture.

Erga waggoota lamaaf tajaajilee booda gara Kaalifoorniyaa deemeen Seeminarii Ti’ooloojii Fuular (‘Fuller’ Theological Seminary) jedhamutti barnoota ergama waldaarratti (Masters of Arts in Missiology) dhaan digrii koo lammaffaa fudhadhe. Digrii koo sadaffaas achumattin baradhe.

ALA bara 1986 Kaalifoorniyaa turee booda gara Atlaantaatti qajeele hanga ammaatti achi jiraachaa jira. Waggaatti yoo xiqqaate yeroo afur Itoophiyaatti deddeebi’een tajaajilaa jira.

**Bariisaa:** Mariin biyyaalessaa Itoophiyaatti adeemsifamu nageenyaafi araara buusuu keessatti gahee akkamii qaba? Maricha gama barsiisa amantiifi aadaatiin akkamitti ibsitu?

**Luba Tolasaa:** Dhuguma akka saba tokkootti mari’achuu, araaramuufi tokkummaan dhaabachuu qabna.

Walitti dhiyaanee mari’achuun madda rakkoo keenyaa waliin beeknee waliin dhabamsiisuun daran barbaachisaadha.

Ummanni walitti dhiyaatee waliin hinmari’anne, walhinbeekne, fedhii dhuunfaafi ofittummaan oofamu, dhugaafi tokkummaaf bakka hinqabne, kan har’aa malee kan borii itti hinmul’anne wantoota murtaa’an keessatti of daangessee jiraata. Kanaaf daangaa kana keessaa ba’uun sadarkaa biyyaatti utuu hintaane biyyoota ollaarraa kaanee walitti dhiyaachuun, waliin mari’achuufi walkabajuun biyya keenyaaf furmaata guddaa ta’a.

Amantiiwwan Itoophiyaa keessa jiran hundi rakkoo keessoo keenyaa dhabamsiisuudhaan tokkummaa biyya keenyaa cimsuu qabna. Yoo kana gochuu hindandeenye nuti ba’aa waan taaneef amantiin keenya qoratamuu qaba. Biyya keenyaaf furmaata ta’uuf daangaa amantaafi sabummaa ceenee ummata waltajjii marii tokkootti fiduun dhimma murteessaa sirriitti ittiyaadamuu qabuudha.

**Bariisaa:** Akkuma biyyaattuu maaliif rakkoo nageenyaa keessaa bahuu dadhabne jettu? Dhugaan duubatti hafummaa keenya duuba jiru maalinni?

**Luba Tolasaa:** Rakkoo nageenyaa keessaa ba’uu kan dadhabneef hundi keenya akka dhuunfaafi sabaatti waan yaadnuufi (fedhiifi mul’atni akka biyyaatti yaaduu waan nutti hir’atefi). Rakkoon nageenyaa nu waliin kan ittifufeef kanaafi. Namni hundi fedhii dhuunfaasaa guyyuun qabamee waan jiruuf miirri fedhiin walii yaaduu keessa keenya ykn gidduu keenya waan hinjirreef akka rakkoon nageenyaa nu waliin turu taasiseera.

Sagaleen Waaqayyoo ‘Namni dhuunfaa ykn ummanni jireenyasaa nagaadhaan hinbulchine nagaan maal akka ta’e hinbeeku’ jedha. Gooftaa Yesuus Kiristoos Wangeela Yohaannis boqonnaa 14:27 irratti “Nagaa isin biratti nan hambisa, nagaa koo isiniif nan kenna; ani akka biyyi lafaa kennuttan isiniif kenna miti” jechuun waa’ee nagaa

ibsa.

Nageenyi addunyaan yeroof kennitu jira. Nagaa dhugaa kan kennu garuu Uumaadha. Nagaa dhugaan Waaqayyo kennu kan nama hunda jibba, tuffiifi sanyummaa irraa bararuufi tokkummaa dhugaa fiduudha. Kanaaf ummanni Itoophiyaa nagaa dhugaatiin jiraachuuf gara Uumaasaatti deebi’uu qaba. Ta’uu baannaan akka bineensa eenyummaasaa hinbeekne, bishaan barbaacha gammoojjii keessatti akkasumaan jooruu ta’a.

Dhugaan duubatti hafummaa keenya duuba jiru walkabajuu dhabuu, tokkummaafi fedhii waliin hojjechuu dhabuu keenya. Hariiroon tokkummaafi jaalalaan waliin jireenya keenyaa lafaa dhufuun ammoo utuu biyyaaf hintaane dhuunfaafi saba keenyaaf dursa akka kenninu gochuudhaan ejjennoo biyyaaf jedhu akka hinqabaanne nu taasiseera. Qormaata yeroo kana waliin qolachuuf qaba.

Yoo gara tokkummaatti hindhufne jibba, sanyummaa, badii, inaaffaa, hiyyummaafi qoqqoodiinsa barootaaf liqimfamne keessaa ba’uu hindandeenyu. Kanaaf ofii keenyaaf, dhaloota dhufuufi biyya keenyaaf jennee tokkummaa keenya cimsuu, waliin dhaabachuufi wal deeggaruu qabna.

**Bariisaa:** Har’a yommuu waa’ee jijjiiramaafi badhaadhina dubbannu maalirra dhaabanneeti?

**Luba Tolasaa:** Har’a waa’ee jijjiiramaafi badhaadhina Itoophiyaa kan dubbannu waa malee miti. Bara keenya keessa jijjiiramaafi badhaadhina dhugaa fiduu waan dandeenyuufi. Badhaadhinni ani jedhu kan badhaadhina yeroofi nama dhuunfaa gowwoomsaa, hanna, malaammaltummaan dhufu osoo hintaane, waa’ee badhaadhina dhugaa akka biyyaatti dhufaa jiruudha.

Badhaadhinni akkanaa tokkummaa, nagaa, obsa, walhubannoofi waldeeggarsa, kaayyoo waloo tokkoof cimani hojjechuu gaafata. Kanaaf amantaa kanarra dhaabannee yoo tokko taanee, mari’anneefi

garaagarummaa keenya yoo dhiphisne lafa waan hundaan eebbifante waan qabnuuf badhaadhina jennu milkeessuu dandeenya. Kanaaf ammoo gatii ykn aarsaa barbaachisu kaffaluuf qophaa’uu qabna.

**Bariisaa:** Jijjiirama Itoophiyaatti eegalame ittifufsiisuuf duudhaaleen jajjabeeffamuufi cimuu qaban kam fa’i?

**Luba Tolasaa:** Walbaruu, nagaa, obsaafi ciminaan hojjechuun duudhaalee jijjiiramaa biyya keenyatti mul’achaa jiru ittifufsiisuuf gargaaraniidha. Jijjiiramicha caalaatti milkeessuuf ilaalcha sanyummaafi finxaalessummaa dhabamsiisuu qabna. Sadarkaa biyyaattis ta’e idiladdunyaatti gama barnootaafi misoomaatiin dorgommii fayyaqabeessarratti xiyyeeffachuu qabna.

Dhaloonni kun siyaasafi ilaalcha gandummaafi naannummaa keessaa bahee daangaasaa sadarkaa biyyaafi addunyaatti babal’isuu qaba. Jijjiirama teknolojiin fidaa jiruufi giloobaalayizeeshiniiratti hirmaachuufis qophii ta’uu qaba. Kun ittigaafatamummaafi dirqama yeroon fidaa jiru kan jajjabeeffamuufi deeggaramuu qabuudha.

Itoophiyaatti jijjiiramni gaariin akka dhufuuf Waaqayyo kadhachaa ture. Yaa Waaqayyo Itoophiyaa yaadadhu jedheen kadhachaa ture. Ammas kadhachaa jira. Garuu jijjiiramni si’ataan akkasii Itoophiyaatti ni dhufa jedhee hineegne.

Akkuman dhiyeenya kana Ameerikaadhaa dhufeen Finfinnee keessa socho’ee hojiilee misoomaa hojjetaman daawwadheera. Biyyattiin jijjiirama ajaa’ibaa keessa jirti. Godambaa Yaadannoo Injifannoo Adwaa, bakki dhaabbii konkolaataa Addababa’ii Masqalaatti ijaarame akkasumas Godambaa Saayinsii dawwadheera. Hojiileen ajaa’ibaa Itoophiyaatti raawwatamaniifi raawwatamaa jiran hedduudha.

Hojiileen misoomaa guguddoon Finfinneetti eegalaman hedduun gara magaalota naannoleetti babal’achuun ammoo daran

Gara fuula 7tti

## KEESSUMMAA BARIISAA

## “Amma kan nu baasu walkabajuufi ...

nama gammachiisa. Hojii Gorgoraatti hojjetamettis gammadeera. Hojiileen naannolee birootti raawwatamanis ajaa'iba. Hojiileen misoomaa kunneen cimani akka ittifufaniif tokko tokkoon keenya ittigaafatamummaa nurraa eegamu bahachuufi nageenya mirkaneessuurratti waloon hojjechuu qabna. Amma kan nu baasu waltumsuu, walkabajuufi nagaan waliin jiraachuudha.

**Bariisaa: Itoophiyaa gargaaramtummaa jalaa baasuuf sochii mootummaan taasisaa jiru akkamitti ilaaltu?**

**Luba Tolasaa:** Utuma biyya lalistuufi biyyee gabbataa qabnuu daangaa biyyaa ceenee gargaarsa gaafachuun qaani guddaadha. Sochii mootummaan biyyattii gargaarsa jalaa baasuuf omishaafi omishtummaa qonnaa guddisuurratti xiyyeeffatee hojjechaa jiru tarkaanfii sirriifi guddina dinagdee biyyattii mirkeessuudha.

Gargaaramtummaa jalaa ba'uuf ilaalcha sabummaafi naannummaa keessaa baanee akka biyyaatti yaaduufi hojjechuu qabna. Lafa gabbataa biyyattiiratti daangaa tokko malee misoomsuu qabna. Kana dhugoomsuuf lammiileen biyyattii hundi ga'ee isaanirraa eegamu ba'achuu qabu. Gama kootiin kun yoo xiqqaate furmaata ta'a jedheen amana.

**Bariisaa: Namoonni keessumaa dargaggoonni utuu hojii hinfilatiin akka hojjetaniif maal gorsitu?**

**Luba Tolasaa:** Waaqayyo Addaamiifi Heewaan uumee wayita jannata keessa kaa'e uumama achi keessa jiru akka eeganiifi kunuunsaniif isaan abboome. Hojiin dhalli namaa jireenya fayyaqabeessa akka jiraatu taasisa.


Namni hojii hinhojjenne dhukkubsataadha. Kanaafuu dhibaa'ummaafi hojii malee taa'uun dhukkubaafi deega namatti fida. Kanaafuu ummanni keenya faayidaa hojii sirritti hubachuu qaba. Aadaan hojii keenyaas gabbachuu qaba. Gargaaramtummaa, hiyyummaafi kadhaa keessaa ba'uuf jabaannee hojjennee of dandeenyee jiraachuu qabna.

Keessumaa dargaggoonni dhimma nageenyaa, barnootaafi hojiif iddoo guddaa kennuu qabu. Ammaan booda namni dhibaa'aafi hinbaranne iddoo hinqabu. Bara teknolojiin daran babal'achaa jiru keessa waan jirruuf hojiin kamiyyuu barnootaafi ogummaa gaafata.

Kanaafuu dargaggoonni biyyattii barnootasaaniitti daran cimuu qabu. Dargaggoonni dhibaa'ummaa keessaa ba'anii barnootasaaniitti cimuu fi hojii dhuunfaasaanii uummachuurratti xiyyeeffatanii hojjechuu akka qabanin gorsa. Dargaggoonni hojii malee taa'anii bara gaarii eeggachuurra carraa hojii jiru hundatti fayyadamanii hojjechuun barri gaariin akka dhufu taasisuu qabu.

**Bariisaa: Gareewwan hidhannoo qawweetiin naannoo Oromiyaafi Amaaraa keessa socho'uun faallaa mootummaa dhaabatan gara qabsoo nageenyaatti akka deebi'aniif ergaa akkamii qabdu?**

**Luba Tolasaa:** Waraanni darbee darbee naannolee Oromiyaafi Amaaraatti mul'atu waraana sanyummaa waan ta'eef nu hinbaasu. Utuu waraana humna alaatiin Itoophiyaatti dhufe ta'ee birmadummaa



biyyaa eegsisuuf jecha aarsaan kaffalamu jira. Waraanni yeroo ammaa kutaalee biyyattii gara garaaatti mul'atu garuu kan waraana sabummaa ykn ofjaalachuu natti fakkaata.

Nama siyaasa kamuu keessaa hinqabne kan jireenya harkaa gara afaanii jiraatu ajjeesuufi nagaa dhorkuun eessaanuu nama hinga'u. Siyaasni sabummaa ykn of jaalachuurratti xiyyeeffatu ammaan booda Itoophiyaatti hinhojjetu. Kana sabni Oromoo, Amaarriifi Tigreen akka beekan barbaanna.

Amma kan nu barbaachisu siyaasa sabummaarratti xiyyeeffatu utuu hintaane kan biyyaalessummaarratti xiyyeeffatuudha. Ilaalchaafi yaadama sabummaarratti xiyyeeffatu utuu hintaane kan biyyaarratti xiyyeeffatuudha.

Amma kan nu barbaachisu mul'ataafi ajandaa biyyaarratti kan xiyyeeffatuudha. Ilaalchi gandummaafi sabummaa eessaanuu nu ga'uu hindanda'u. Ammaan booda waltajjiin ijoollee keenyaaf qopheessinu sabummaarratti xiyyeeffachuun garaagarummaa uumuurratti utuu hintaane biyyoota guddatan waliin kan isaan dorgomsiisu ta'uu qaba.

Sabummaarratti xiyyeeffachuun walfalmuun Itoophiyaa hinfayyadu. Jaarraa 21ffaa keessa walii keenya waraanuufi walloluun nu hinbaasu. Iddoo kanaa walii keenya bira dhaabachuu, walgargaaruufi tokko isa kaaniif jiraachuu qaba.

Kan kaaba jiraatu gara kibbaa, kan kibba jiraatu gara bahaa, kan baha jiraatu gara lixaa deemee biyyattii misoomsuu danda'uu qaba. Biyya lalistuu, lafa qonnaa bal'aa, haala qilleensaa mijataa qabdu tana hojjennee misoomsuu dhiisnee rakkoo nageenyaafi gargaaramtummaaf saaxilamuun keenya sirrii miti. Kan nu baasu waliin mari'annee nagaan hojjennee waliin jiraachuu qofa.

**Bariisaa: Duudhaa abbootiifi hangafoota kabajuufi tokkummaan waliin jireenya keenyaa laafaa dhufe bakkatti deebisuuf maaltu ta'uu qaba?**

**Luba Tolasaa:** Kaayyoo guddaa ani gara Itoophiyaa dhufeeff keessaa tokko duudhaa jaalalaafi tokkummaan waliin jireenya keenyaa laafee ture kana akkamitti deebisnee jabeessuu dandeenya ajandaa jedhurratti hojjechuufi.

Duudhaa jaalalaafi tokkummaan waliin jireenya keenyaa kana deebisuuf keessumaa ergan dargaggoota ol adeemoorratti hojjechuu jalqabee waggoota lakkoofsiseera.

Duudhaan walii yaaduu, jaalalaafi obbolummaan waliin jiraachuu keenyaa laafaa dhufuun Itoophiyaa keessatti waraanni akka babal'atu taasisseera. Biyya keenyatti nageenyi akka mirkanaa'uuf duudhaa keenya ganamaatti deebi'uu qabna. Ijoollee keenyas waa'ee gaarummaa haa barsiisnu.

Yeroo ammaa tokko isa kaan kuffisuuf hirriba malee bula. Rakkoo kana keessaa ba'amu qaba. Kanarra waldeeggaruufi walbira dhaabachuu danda'uu qabna. Duudhaa nagaa, jaalalaafi obbolummaan waliin jireenya keenya ganamaa deebisuuf abbootii hammeenya facaasaniratti hojjechuurra dargaggoota duubaan dhufaa jiraniratti hojjechuu qabna.

Abbootiin kanaan dura ilaalcha sanyummaafi hamminaa barsiisan carraa umuriin turuu waan hinqabneef duudhaa jaalala, tokkummaafi obbolummaan nagaan waliin jireenya keenya ganamaatti deebi'uuf daa'immaniifi dargaggootarratti xiyyeeffatanii hojjechuun barbaachisaadha.

Oggaa daa'imman waa balleessan akka isaan, 'Balleeseeraa dhiifama' jedhan barsiisuu qabna. Yeroo waan gaariin daa'immaniif kennamu ykn ta'uufis akka isaan, 'Waan naaf kennameef ykn ta'eef isinin galateeffadha' jedhan barsiisuu qabna.

Daa'imman yeroo maatiinsaanii waan gaarii godhaniif akka maatiinsaanii galateeffataniif barsiisuu qabna. Barsiisonnis daa'imman dukkana keessaa gara ifaatti waan baasaniif galateeffachuu qabu. Mootummaa biyya bulchus kabajuufi deeggaruu aadaa taasisatanii akka guddatan taasisuu qabna.

Daa'imman naamusaafi amala gaarii horatanii akka guddataniif barsiisuu qabna. Nutis dargaggootaafi barattootni amalaafi naamusa gaarii horatanii akka guddatan taasisuuf Ministeera Barnootaa faana waliigaluun irratti hojjechaa jirra. Hojiin kun keessumaa waan barsiisotaafi barattoota ilaallatuuf xiyyeeffannaa guddaan irratti hojjechaa jirra.

Barsiisotaafi barattoota naannolee biyyattii gara garaarraa filataman Finfinneetti walittiqabuun duudhaa obbolummaafi jaalalaan waliinjireenyasaanii cimsuuf dhiyeenyatti sagantaa guddaa tokko qopheessineerra.

Barsiisotaafi barattoonni kunniin bakka tokkotti waa'ee jaalala, tokkummaafi kabaja biyyaa akka hubatan ni taasisna. Barsiisuu qofa utuu hintaane hojiilee misoomaa biyyattiitti hojjetamaniifi hojjetamaa jiranis ni daawwachiifna. Boru biyyattii kan geggeessu waan isaan ta'eef hojiilee misoomaa hojjetamanis akka eeganiifi kunuunsaniifi barnootasaaniittis akka cimaniif ni gorsina.

Kaayyoon keenya inni guddaan gaarummaa, amanamummaa, garaalaafummaafi tokkummaa biyya keenya keessatti facaasuudha. Gaarummaa, amanamummaa, walii yaaduufi tokkummaa qabaachuun ijaarsa biyyaa keessatti gahee olaanaa waan qabuuf duudhaa laafee ture deebisnee cimsuurratti xiyyeeffannee hojjechaa jirra. Hojii kana milkeessuun baasii guddaa waan gaafatuuf deeggarsa qaamolee biroos ni

feena.

Barattootniifi barsiisotni seminaarii qopheessaa jirurratti hirmaatan wayita gara bakka dhufaniitti deebi'an ambaasaaddara nageenyaa akka ta'an barbaanna. Hojii dargaggoota gara tokkummaafi nageenyaatti fiduu kanarratti hunduu gaheesaa bahachuu qaba.

**Bariisaa: Hojii kanaaf maaltu isin kakaase?**

**Luba Tolasaa:** Dhimma kana natu hundeessee qindeessaa jira. Yaadni kun dhimma amantii, sanyii siyaasarraa bilisa. Yaadni kun Itoophiyaa keessa aadaan dinqisiifachuufi galateeffachuu akka jiraatu taasisuurratti xiyyeeffata. Yaadni kun Itoophiyaa keessa guyyaan waldinqisiifachuu 'appreciation' utuu jiraatee gaariidha kan jedhurraa madde. Yaadichis ummanni biyyattii waggaa guyyaa tokko akka waldinqisiifatu taasisuurratti xiyyeeffata.

Waggoota 13 dura yaada kana qabadhee gaaffiilee tokko tokko Ministeera Aadaafi Turizimii gaafachuun Itoophiyaa keessa guyyaan waldinqisiifannaa akka hinjirren hubadhe. Isa booda hoggantoota olaanaa biyyattii gaafachuu naaf wayya jedheen Pirezidaantii Mootummaa RFDI yeroo sanaa Obbo Girmaa Waldagoorgis, 'Guyyaan waldinqisiifachuu Itoophiyaa keessa jiraa?' jedheen gaafadhe. Isaanis 'Eeyyee jira!' jechuun naa deebisan.

Deebiinsaanii quubsaa waan naaf hin taaneef gara Yunivarsiitii Finfinnee deemee pirofeesaroota torba kutaalee barnoota gara garaa waliin mari'achuu jalqabe. Waltajjii marichaarratti 'Guyyaan waldinqisiifachuu Itoophiyaa keessa jiraa?' jedhee gaaffiin kaaseef deebiinsaanii 'Hinjiru' kan jedhu ture.

Itoophiyaan waan sirna Fiwudaalaatiin bulaa turteefi sirnichi ammoo duudhaa waldinqisiifannaa waan hinjajjabeessineef biyyattii keessa waldinqisiifannaan kan hinjirre ta'uu natti himan.

Kanarraa ka'uun guyyaan waldinqisiifachuu Itoophiyaa keessa akka jiraatuuf sosochii taasisuun jalqabe. Ani yaadni koo guyyaan kun sadarkaa biyyaalessaatti akka labsamu taasisuu ture.

Duudhaan walgalateeffachuu kun namoota umuri kootiin walgitan bira waan hinjirreeff daa'imman duudhaa kana baratani akka guddatan taasisuurratti xiyyeeffadheen hojjechuu jalqabe. Daa'imman har'aa waggaa 15 booda duudhaa kana qabatanii guddatu. Hojii kana Ministeera Barnootaa faana waliigallee waggaa yeroo tokko guyyaan barattoota biyyaalessaa akka jiraatu taasisuudhaan irratti hojjechaa jirra.

Baranas barattootaa 250fi barsiisota 250 naannoleerra walittiqabuudhaan waa'ee jaalalaafi nageenya biyyaa kan barsiifnu ta'a. Barattoonniifi barsiisonni kunneen yeroo gara dhufaniitti deebi'an ambaasaaddara nageenyaa ta'uun dargaggoota naannawaasaanii waliin dhimma nageenyaarratti kan hojjetan ta'u.

Dargaggoonniifi barsiisonni kunneen guyyoota shaniif waaree dura kan leenji'an yoo ta'u, waaree booda ammoo hojiilee misoomaa Finfinneetti hojjetamanis nidaawwatu.

**Bariisaa: Turtii nu waliin taasisaniif galatoomaa.**

**Luba Tolasaa:** Isinis galatoomaa.

# Qarreefi Qeerroo

## “Baguma waaqayyo carraa hojii mootummaa nadhorke, hadhaa’aa dhandhamee Baatuuf ifa baaseera”

- Dargaggoo Magarsaa Gadaa



### Waasihun Takileetiin

Jaarsatu dargaggoota lama ofjalaa qabu, lamaansaaniifuu maallaqa kennanii hojjetanii akka of jijjiiraniif bobbaasan. Dargaggoo inni tokko maallaqichaan waantota garagaraa daldalee bu’aa guddaas buusee mataa maallaqaafi bu’aasaa adda baasee abbaasaatiif kenne.

Inni lammataa maallaqa abbaansaa kenneef olkaa’ee osoo hojjetee ittiin of hinjijjiiriin bara lakkoofsisee maallaqichumarraayyuu hir’isee, nyaatee muraasa abbaasaaf deebise. Abbaan lamansaani waamanii isa daldalee bu’aa buuse eebbisuun, jabaadhu hori jedhanii mataa maallaqaafi bu’aasaa deebisanii itti kennanii ittiin of jijjiiri jedhanii mana baasan.

Dargaggeessa isa mataa nyaateen ammoo, nadi jedhanii ari’an. Dargaggoo badi jedhames aariirraa kan ka’ee osoo biyyaa bahuuf bodee (eeboo) qofa qabatee imalarra jiruu erga karaa dheeraa deemee booda waraabessa guddaa tokkotti dhufe. Waaqayyo qeerransa yaa waaq maalan nyaadha jedhuufi nama yaa waaq na nyaadhu jedhu walitti fida jedhama mitiiree.

Waraabessichis namana eessa deemta? jedhee dargaggeessicha gaafata. Dargaggeessichis badaa jira jedhee deebiseef. Maarree anis badaa jira koottu wajjin badna jedhee dura bu’ee qajeellaan dargaggeessichis, tole jedhee imala eegalan.

Sana booda waraabessichi gaafa lafti itti bari’u bakka galmasaa gahee boolla seenee bodeekee ala dhaabiitii oluma koottu bullee baana jedheen dargaggeessichis bodeesaa qarqara boolla dhaabee duubarra boolla yoo seenu akkuma, gorsa didduun du’a hindiddu jedhamu waraabessichi dargaggeessicha boolla keessatti nyaatee beela bahe.

Duubarra dargaggeessichi baduurraa kan ka’ee jaarsis obboleeyyansaa yoo barbaachasaa eegalan dhamaatee dheeraa booda qarqara boolla waraabessaati bodeesaa dhaabatu arganii waraabessaan nyaatamuusaa baran.

Jaarsichis yaa waraabessa nanaa erga ilmakoo nyaatee gurraaallee na agarsiisi, hirmii baafadheen garaa kutadha jedhanii waraabessicha gaafatan. Waraabessichis, “Osoo gurra qabaatee maaliif du’a? Gorsa keessan dhagahuu diduusaatu isa nyaachise gurraasaa nyaadheera” jedhe jedhama.

Kan eebbifamee hojii mootummaa barbaacha umrii, beekumsaafi qorqalbiisaa fixu tokko lama miti. Eeggatumaan fafa nama gooti. Kan hadheeffatee jireenyarratti qabsaa’emmoo seenaa hojjetee dinagdeen humnaa’ee qorqalbiinis ijaamee biyyasaatiif fakkeenya gaarii ta’uun maqaansaa olka’ee faarfamus hedduudha.

Waan afoolli dubbii mi’eessa jedhameefin afoolaan balbala barruukoon isiniif saaqe. Hojidhabdummaa eebbaan booda mudaturratti hadheeffatee qabsaa’uun ofiifi hiriyasaatiif soora qalbi, biyyasaafimmoo ifa abdi kan ta’e



SuurriGabaaboo Gabreetiin

dargaggoo Magarsaa Gadaa waliin wal isin barsiisa kunooti.

Dargaggoo Magarsaa Gadaa Jiraataa Godina Shawaa Bahaa, Aanaa Adaamii Tulluu Jiddoo Kombolchaa, Ganda Dastaa Abijaataa yoo ta’u, waggaa sadii dura Yunivarsiitii Haramaayaarraa Muummee Agroo ikkonoomiksiitiin eebbifamee waggoota sadiif hojii barbaacha bu’ee bahaa turuu kaasa.

Eebbifamanii hojii mootummaa barbaacha bara lakkaa’uun dargaggoota baay’ee mogolee buuseera. Ilaalchi kun fooyya’uu dhabuun hanga ammaallee hudhaa qeerroofi qarree keenyaa ta’eera.

Haatiifi abbaan waggoota hedduuf dhama’anii ilmaansaani barsiisani akkuma eebbisiisaniin mindeeffamaa mootummaa ta’aniifi uffata ammayyaa uffatanii akka waajjira mootummaa keessa hojjetan fedhii olaanaa qabu.

Eebbifamtoonnis akkuma fedhii maatiisaanii barnootaani xumuranii waajjira mootummaatti mindeeffamuun ala hojii mataasaanii uummatanii of jijjiiruurratti fedhiin jiru gadaanaadha.

Kanarraa kan ka’ee dargaggoonni kumaatamni eeggatumaan jalatti kufanii dinagdeen, ilaalchaafi gama maraan duubatti deebi’anii araada hinmalleefi qorqalbiisaanii miidhuuf saaxilamaniiru.

Akkuma biiftuu jirtu suksuku, ta’uu baannaan mudhuku jedhamu humni ganama dhufa galgala dhuma. Qalbiin ganama hinjiru galgala dhufa. Kanaaf of jijjiiruuf jecha humna ganama dhufuufi qalbi galgala dhufu ganamuma walitti fiduun hawaas dinagdeefi gama maraan of jijjiiruun dirqama uumamaati.

Haaluma kanaan qalbiifi humna garaagarummaa yeroon dhufu walitti araarsuu dhabuun deega akka nama nyaachisu baree jireenyarratti hadheeffatee qabsaa’uun sammuu gabbina xiinsammuu, dirree qullaatti buddeena jireenyaa magarsuun akka danda’amu qabatamaan

agarsiisuu Dargaggoo Magarsaa Gadaa nikaasa.

Dargaggoo Magarsaan eebbifamee erga waggoota sadiif hojii malee taa’ee booda of kennee hojjechuun hiriyootasaa waliin misooma qamadiitiin tokko jedhee qonna eegalu dubbata.

Misooma qamadii eegalaniin milkaa’ina tole nama jechisiisu galmeessisuufi dinagdeesani jabeessu galmeessisu jalqabu. Duubarra maallaqa misooma omisha qamadiirraa argatan waajjira qonnaa Godina Shawaa Bahaa mariisuu inisheetiivii biroorratti bobba’uuf fedhii akka qaban gaafata.

Waajjirichis aanaa waliin ta’uun yaalii addaa inisheetiivii misooma muuziirratti bobba’uu akka qaban isaan gorsa. Dargaggoo Magarsaafi hiriyoonnisaa saddeet ta’anii lafa hektaara shanirratti maqaa Waldaa Omishtoota Muuzii Baatu Qilxuu jedhuun hojiitti seenu.

Dargaggoo Magarsaan walitti qabaa waldichaa, warri hafan torban ammoo miseensa ta’uun misoomicharratti xiyyeeffatanii of kennanii hojjechuun fiigicha fiigamee hinbeekne jechuunis misooma muuzii takkaa hin yaalamne Aanaa Adaamii Tulluu Jiddoo Kombolchaa, Ganda Dastaa Abijaataati eegaluun warra jalqabaati.

Haaluma kanaan muuzii sanyii filatamaa karaa waajjira qonnaa dhiyaateef lafa hektaara shanirra biqiltuu muuzii 7500 dhaabuun dachee Baatu muuzii biqilchee hinbeekne magariisaan uwwisuun seenaa addaa hojjechu danda’aniiru.

Muuzii kana misoomsuuf qarshii miliyoona tokkoo ol baasii kan ta’ee yoo ta’u, dhiyeessii sanyii filatamaafi galteewwan qonnaa karaa waajjiraalee qonnaa godinaafi aanaa mijateeraaf.

Muuziin dhaabate kun waggaa guutuuf ji’a tokko kan hafe yoo ta’u, turtii yeroo ji’oota muraasaa keessatti yeroo torba muuzii gabaaf dhiyeessuun danda’amu Dargaggoo Magarsaan nidubbata.

Muuzii marsaa torbaaf gurgurame kanarraa galiin qarshii miliyoona 1.5 kan argame yoo ta’u, galiin kanaan olitti yeroo jalqabaaf dachee misoomni

muuzii irratti eegalamee hinbeeknerratti misoomsuun seenaa hojjechuunsanii isaan boonseera.

Akka ibsa Dargaggoo Magarsaati galiin misooma muuzii kanarraa argamu kun dachaan dabalaa kan deemu yoo ta’u, kanaan dura walitti hidhaminsi gabaaf mijachuu dhabuurraa kan ka’ee bittootaaf oyruusaaniirratti muuzii kiiloo giraama tokko qarshii 30n gurguraa turan.

Haata’u garuu rakkoon walitti hidhaminsa gabaaf kun furamee giddugalli gabaaf mijannaafiin galiinsaani dachaan akka dabaluu fedhii dhiyeessii magaalota gara garaarraa dhiyaataafi jirurraa hubachuu eera.

Hudhaan walitti hidhaminsa gabaaf kun yoo furamee galiin argamus dachaan kan dabaluu, carraan hojii dabalataas dargaggoota biroof akka uumamu darbees gabaaf tasgabbeessuu keessatti gaheesani nitaphatu.

Kanaafis qaama dhimmisaa ilaallatu waliin dubbachaa kan jiran yoo ta’u, inisheetiivii misooma muuzii mootummaan gadi buuse bakka kufanii isaan kaasee ofirra darbanii namaaf wabii akka ta’an isaan gargaara jira.

Misooma muuzii kanarratti namoonni saddeet dhaabiifi abbummaan haa bobba’an malee dargaggoota hedduuf carraa hojii banuun eeggatumaan jalaa akka bahan taasisaa jiru. Waldaan Omishtoota Muuzii Baatu Qilxuu namoota saddeetiin eegalame kun namoota 13’f carraa hojii dhaabbataafi kan yeroommoo dargaggoota hedduuf carraa hojii uumuun jiruufi jireenyasaani gaggeeffachaa jiru.

Tarkaanfiin hojidhabdummaa seenaa gochuuf dirree qullaa namoota birattillee bishaan tumuu ta’ee mul’achaa ture keessatti eegalame ija godhachuun waan ajab jechisiiseef kan kutate nurraa baratee akkuma keenya seenaa hojjechaa jira jedha walitti qabachi.

Kan kaleessa maal baasuuf dhama raasu nuun jedhe har’a deebi’ee nurraa nyaachaa jira kan jedhe Dargaggoo Magarsaan, “Baguman carraa hojii mootummaa hinargatiin, bagan gorsa dhagahee ofirra darbee nama biraafis abdi ta’ee” jechuun ragaa baha.

Qabsoo Dargaggoo Magarsaa Gadaafi hiriyoonnisaa hadhaa’aa jireenyaa injifachuuf taasisan barattoota dhaabbilee barnoota mootummaafi mitmootummaa garagaraa eebbifamanii hojii malee taa’aniif fakkeenyummaan kan ka’u yoo ta’u, innis eebbifamtoonni dinagdeen caalanii argamuu yoo barbaadan fuulasaani mindeeffamanii hojjechuurraa gara miindeessanii hojjechiisuutti akka naanneffatan gorsa.

Walumaagalatti eeggatumaan waan fafa nama taasisuuf humnaafi yeroo walitti araarsuun inisheetiiviiwwan mootummaan jijjiiramaa eegaletti fayyadamuun hiyyummaa seenaa gochuun seenaa hojjechuuf dargaggoonni abdi egeree biyyaa ta’an kutannoon hojjechu qabu.



# Abbaa Sa'aa

## Fooyyessa Imaammata Dinagdee

### Maakroo Itoophiyaafi dhaabbilee faayinaansii addunyaa walitti araarse

#### Bayyanaa Ibraahimiin

Mootummaan Itoophiyaa imaammata dinagdee biyyattii fooyyessuu Adoolessa 21 bara 2016 ifoomsee daandii dinagdee haaraa bane.

Murteen mootummaa kun dhimma ijoo yeroo dheeraaf Itoophiyaafi jaarmitaa maallaqaa addunyaa waldhabsiisaa turerratti jijjiirama kan fide, biyya hanqina sharafa alaatiin raafamaa jirtuuf immoo abdi uume.

Imaammata dinagdee fooyya'ee ba'e kana keessatti gatii sharafa alaafi maallaqni Itoophiyaa ittiin waljijjiiran akkaataa gabaarra jiruun sirreessuun fedhiifi dhiyeesii sharafa alaa jiru walsimsiisuuf kan gargaaru akka ta'us qaamotni garagaraa himaa jiru.

Akkaataa kanaan sharafni maallaqaa biyya alaa haala gabaarratti akka hundaa'u kan murtaa'e yoo ta'u, Itoophiyaatti waggoota dheeraaf mootummaan gatii sharafa alaarratti to'annoo gaggeessuuf daran dadhabaa turus gatii sharafa alaa daldala idileefi alidilee keessatti garaagarummaa guddaa uumeera.

Haalli kun tarsiimoon dinagdee biyyattii akka jallatu qofa osoo hintaane, sharafni alaa baankiiwwan idilee baqatee kiisii daldaloota seeraan alaa biratti akka kuufamu taasiseera.

Haala kana geeddaruuf mootummaan dhiheenya kana imaammata dinagdeerratti jijjiiramaafi fooyyessa taasisuun dinagdee biyyattii kan tasgabbeessu qofa osoo hintaane, walshakkiifi waldhabdee kanaan dura Itoophiyaafi dhaabbilee maallaqaa addunyaa gidduu ture furaa jira.

Kanarraa kan ka'e fooyyessa dinagdee kana hordofee Baankiin Addunyaa sagantaa kaffaltii liqaa achi butanii kaffaluu, deeggarsaafi liqaa yeroo dheeraaf kan oolu waliigalaan doolaara biliyoona 16 caalu Itoophiyaaf akka kennu beeksiseera.

Boordiin baankichaa yeroo ammaa kanatti bara bajataa kanaaf liqii deeggarsa doolaara biliyoona 1.5 ta'u Itoophiyaaf kennuuf raggaasisuusaa beeksiseera.

Kana keessaa doolaari biliyoona tokko deeggarsa yeroo ta'u, doolaari miliyoona 500 immoo bifa liqiiin kan kennamu ta'uun ibsameera.

Maallaqi kun Itoophiyaan riifoormii dinagdee biyya keessaa jalqabde akka jabeessitee ittifuuf kan kennameedha.

Bajata mootummaa Itoophiyaa deeggaruuf kan oolu ammoo waggoota sadan dhufaniif waggaa waggaa doolaara biliyoona lama lama akka kennu ibse.

Kana jechuun Itoophiyaan deeggarsa bajataaf kan oolu waggoota sadan dhufaniif doolaara biliyoona jaha argatti jechuudha.

Waliigalaan Itoophiyaan waggoota dheeraatti kan deebi'u doolaara biliyoona 16.6 tahu karaa Baankii Addunyaa argatti.

Daarikteroonni Boordii Hojii Raawwachistuu Baankichaa Adoolessa 21 bara 2016 "Imaammata hojiirra oolmaa guddina waaraafi qaamolee hunda hammate" jedhu Itoophiyaan labsite deeggaruun raggaasisuu beeksise.

Dhaabbatichi akka jedhutti, imaammata dinagdee qaamolee hunda hirmaachise, keessattuu dameen dhuunfaa guddina dinagdee keessatti qoodasaanii akka gumaachan jabeessuuf gargaara jedhe.

Kun ammoo damee faayinaansii biyyattii akka cimsu ibse. Deeggarsi dhaabbatichi kennu filannoowwan daldalaa akka bal'isu, iftoomina qabeenya biyyattiiratti akka jajjabeessu, akkasuma yeroo jijjiiramni gama dinagdee kun hojiirra oolfamutti namoonni harkaqaal'eeyyiin akka hinmiidhamne gargaara.

Daarektarii Baankii Addunyaa damee Itoophiyaa, Ertiraa, Sudaafi Sudaan Kibbaa Maariyaam Saalim, biyyattiin jijjiirama gama dinagdee hordoftu kana sirnaan yoo hojiirra oolchite guddachuuf humna guutuu qabdurra gahuu akka dandeessu akeekan.

Fooyyessi imaammata dinagdee biyyattiiratti taasifame kun ulaa tanaan dura cufamee ture hunda kan banu ta'uufi dorgommiin fayyaqabeessaa daldaloota gidduutti kan uumu ta'u immoo daldalootni dhimmicharratti yaada kennan ni ibsu.

Waggoota dheeraadhaaf hojii daldalaa keessatti hirmaachaa kan jiraniifi Pirezidaantiin Mana Maree Daldalaa Naannawa Finfinnee Obbo Eeliyaas Guyyoo yaada Bariisaaf kennaniin akka jedhanitti, fooyyessi imaammata dinagdee taasifame kun ulaawwan tanaan dura cufamanii turan hunda kan banu qofa osoo hintaane, dorgommiin fayyaqabeessaa daldaloota gidduutti kan uumuudha.

Dameen dinagdee Itoophiyaa daran akka cimu taasisuuf gabaan daldalaa kanaan dura monopolii namoota muraasaatiin qabamee ture warreen kaaniifis akka banamu taasisuuf fooyyessi imaammata dinagdee taasifame shoora olaanaa kan taphatu ta'u kan himan Obbo Eeliyaas, keessattuu gatii sharafaa qarshiin Itoophiyaa kanneen alaa waliin qaburratti jijjiiramni taasifame yeroo gabaabaaf jeequmsa gabaa uumuu akka malu kaasu.

Akka yaadasaaniitti; hojiin bu'aqabeessi hundi jalqabarratti hanga namni hundi amanee fudhatutti sababoota shakkiidhaan guutamaniin yaaddoo uumuu danda'u. Boodarratti akkuma oolee buluun faayidaan jijjiiramni kun dinagdee biyyattiitiif qabu akkuma hubatamaa adeemuun rakkooleen kunniin furamanii ummata daldalaa hunda biratti fudhatama kan argatu ta'a.

Ammatti garuu akkuma daldalootni fooyyessa imaammata dinagdee kana ija sirriin ilaalani qalbii guutuun fudhatan jiranitti warreen akka yaaddootti ilaalanis ni jiru.



Obbo Eeliyaas Guyyoo

#### Waliigalaan Itoophiyaan waggoota dheeraatti kan deebi'u doolaara biliyoona 16.6 tahu karaa Baankii Addunyaa argatti

Amumayyuu daldalootni miseensa waldaa keenyaa ta'an dhimma kanarratti sodaa qaban warreen naa ibsaa jiran jiru. Anis amma danda'ame faayidaa fooyyessichi daldalootaafis ta'e ce'umsa dinagdee biyyattiitiif qaburratti hubannoo kennaan jirra jedhan.

Yaaddoo daldaloota tokko tokkoo kanaaf barbaachisummaa fooyyessicharratti gama websaayitii waldichaatiin barreeffamoota hubannoo uumuu danda'an gara garaa barreessaa jirra. Dabalataanis hojii fooyyessa imaammata dinagdee kanarratti daldalootni hubannoo gahaa akka qabaataniif Mana Maree daldalaa Itoophiyaafi Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee waliin ta'uudhaan waltajjiwwan gara garaa qopheessuuf yaadaa jirra jechuun eeran.

Fooyyessa imaammata dinagdee taasifameen walqabatee rakkoolee mul'achuu danda'an keessaa tokko daballii gatii meeshaaleerratti daldalootaan taasifamuu malu ta'uu kan kaasan Obbo Eeliyaas, wanti amma

taasifame kun jijjiirraa imaammataati malee sababa gatiin meeshaa itti dabalammuu danda'uu waan hinqabneef to'annoo cimaan kan barbaachisu ta'uu ibsu.

Mootummaan akkuma haalli daldalaa si'ataa ta'e akka uumamuufi daldalootaaf heyyama daldalaa kennutti warreen fooyya'iinsa imaammata diinagdee kana sababeeffatani meeshaaleerratti daballii gatii taasisanirratti hanga heyyama daldalaa irraa fuudhuutti tarkaanffii sirreeffamaa fudhachuu qaba jedhu.

Haala fooyyessa imaammata dinagdee kanaan daldalootni Itoophiyaa kan dorgoman waliisaanii waliin qofa osoo hintaane daldaloota guguddoo addunyaa waliin ta'uu hubachuun barbaachisaadha jedhanii, dorgommicha keessatti injifatanii bahuuf immoo daldalootni Itoophiyaa qindoomanii humna cimaa horachuu akka qaban dubbatu.

Walumaagalatti; fooyyessi imaammata dinagdee yeroo ammaa Itoophiyaan hojiirra oolchuu eegalte kun dinagdeeshii rakkoo hanqina sharafa alaatiin raafamaa jiruuf furmaata waaraa yoo ta'u, sababa ulaan dinagdeeshii daldalootaafi dhaabbilee faayinaansii biyyoota alaatiif cufamaa tures banamuun falmii waggoota dheeraadhaaf Itoophiyaan dhaabbilee faayinaansii addunyaa waliin keessa galteef furmaata kan ta'uudha jedhu.

Deeggarsi gama Baankii Addunyaatiin barii fooyyessi tarsiimoo dinagdee Itoophiyaa taasifametti kennamuu eegalee agarsiiftuu hariiroo gaarii Itoophiyaafi dhaabbilee faayinaansii Addunyaa jiddutti uumamaa jiruuti.

# Ilaamee...

## Fooyyessa sagantaa dinagdee gooroo

### Kutaa qophiitiin

Itoophiyaan gara fooyyessa dinagdee gooroo guutuutti galuu Ministirri Muummee Doktor Abiyyi Ahmad ibsan.

Kaayyoon ijoo fooyyeessichaas galii mootummaa guddisuu, baasiifi hirpha mootummaa bu'aqabeessa gochuu, sirna caasaa fandii sooramaarratti jijjiirama hojiirra oolchuu, dhaabbilee misoomaa mootummaa bu'aqabeessaafi dorgomaa gochuufi bulchiinsa liqii mootummaa bu'aqabeessaafi ittifufiinsa akka qabaatu mirkaneessuu ta'uun ibsameera.

Dhimma kana ilaalchisuun ibsi Waajjira Ministira Muummeerraa bahe akka ittaanutti dhihaata.

Jijjiirama siyaasaa bara 2010 hordofee mootummaan dinagdeerratti hojilee fooyya'iinsaa hedduu raawwateera. Waggoota jahan darbanitti rakkoolee buleeyyii furuuf fooyyessawwan gara garaa taasisaa tureera.

Rakkoowwan turanis dhiibbaa idaa, qaala'iinsa gatii, hoji dhabdummaa jijjiirama tirannaa adeemsa dinagdee, omishtummaa gadaanaa dameelee omishaa, raawwii gadaanaa pirojektota misoomaa, qisaasama qabeenyaafi idaawwan addaddaa dhaalaman ta'uun ibsameera.

Adeemsi fooyyessa imaammataafi seeraa kun dinagdeen biyyattii gara tasgabbiitti akka ce'u abdi haaraa fideera.

Sagantaan fooyyessa dinagdee mandhalee boqonnaa lfaan bara bajataa 2011 hojiitti gale bu'aawwan hedduu buusuun manii qabame milkeesseera.

Hojileen hafan jiraatanis madaallii eeggachuu dhabuu dinagdee sirreessuuf, dhiibbaa idaa salphisuu, humna omishaa biyya keessaa guddisuu, maddoota dinagdee bal'isuu, carraa hojii uumuufi rakkoowwan bu'uuraa sirreessuuf carraaqqii taasisameen bu'aan argameera

Itoophiyaan waggoota jahan darbanitti addunyaarratti tarree biyyoota guddina dinagdee saffisaa galmeessisuun eeraman keessaa tokko taateetti.

Bara 2010 hanga 2015tti guddinni waliigalaa biyya keessaa Itoophiyaa giddugeessaan harka 7.1 gaheera. Kanaanis Itoophiyaan Afrikaarraa biyya dinagdee cimaa qabdu taateetti.

Manii guddina dinagdee waaraa milkeessuufis kutannoo qabdu mirkaneessiteetti. Itoophiyaan Gaanfa Afrikaarraatti biyya dinagdee dilbii isa guddaa galmeessiste taateetti. Humni galii walittiqabuu mootummaas fooyya'eera.

Waan hafeef immoo fooyya'iinsi dinagdee mandhalee marsaa 2ffaa hojiirra jiru kutannoo mootummaan jijjiirama fiduuf qabu kan mirkaneessudha.

### Sagantaan kun utubaalee afuriratti kan ijaarameedha.

1ffaa, hammatto imaammata tasgabbiin dinagdeefi ittifufiinsasaaf tumsuufi fayyaaleessa bu'uressuu.

2ffaa, hojiilee kalaqaafi investimantiif haala mijjeessaniifi dorgomaa ta'an guddisuu.

3ffaa, omishaafi omishtummaa biyya keessaa jabeessuufi

4ffaa, tajaajila qulqullina qabu kennuuf dandeettii mootummaa guddisuudha.

Ajandaa fooyya'iinsa dinagdee cimsuuf; dameen dhuunfaa dursuun dinagdee hundageessaafi carraa hojii bal'inaan uumuu kan bu'uureffate



ta'a.

Wayita sagantaan kun hojiirra ooluttis guddinni dinagdee olaanaafi tasgabbaa'aa, qaala'iinsi gatii muraasni ni jiraata jedhamee maniin qabameera.

Sharafa maallaqa alaa oliifi gadi ta'u sirreessuu, damee faayinaansii daran sirreessuu, qaala'iinsa gatii to'achuu, galii taaksii guddisuu, bu'aqabeessummaa investimantiif mootummaa fooyyessuu, idaa mootummaa waaraa mirkaneessuu, fayyaaleessummaa dorgommii damee baankii cimsuufi daldalaafi investimantiif haala mijjeessuu.

Sadarkaa idiladdunyaatti sirna dinagdee ammayyaa'aafi dorgomaa ijaaruu maniin qabameera.

Waggoota darban sagantaalee fooyya'iinsa dinagdee mandhaleef deeggarsa gochuufi maallaqa walittiqabuuf carraaqqiifi waliigalteewwan gara garaa taasisamaa turaniiru.

Waliigalteewwan kunneenis faayidaa biyyaaleessa kan eegan ta'uufi bu'aa lammiilee kan mirkaneessan ta'uu mirkaneessuuf beekumsaafi bilchinaan akka gaggeeffaman ta'aniiru.

Bu'uuraa kanaan kaayyoo fooyyessa dinagdee milkeessuuf waliigalteerra gahuun danda'ameera. Fooyyessi dinagdee kunis Dhaabbata Maallaqaa Addunyaa, Baankii Addunyaafi tumsitoota misoomaa biroon kan deeggaramuudha.

Kan hundeeffames sagantaa fooyya'iinsa dinagdee mandhaleefi karoora investimantiifi misoomaa giddugeessaarratti. **Kaayyoowwaniifi maniiwwan imaammataa sagantaa fooyya'iinsa dinagdee gooroo:**

1. Madaala sharafa alaa sirreessuufi hanqina madaala kaffaltii biyya alaa yeroo dheeraa furuu;
2. Hammatto imaammata mallaqaa ammayyeessuun qaala'iinsa gatii hir'isuu.

3. Saaxilamummaa idaa furuufi galii biyya keessaa guddisuun fedhiwwan misoomaa keenya humna biyya keessaatiin bakka buusuun haala mijataa uumuu.

4. Hirmaachisummaa, dorgomummaafi fayyaaleessummaa damee faayinaansii cimsuu.

5. Kenna tajaajila mootummaa fooyyessuun jijjiirama haala qilleensaa dandamachuufi wabii midhaan nyaata mirkaneessuun sirna dinagdee jabaa hirmaachisaafi ittifufiinsa qabu uumuu fa'i.

Maniiwwan olitti eeraman milkeessuuf dhaabbilee biyyaa keessaa cimsuufi qooda fudhattoota biyya keessaafi idiladdunyaa hojiirra oolmaa imaammata sagantaa fooyya'iinsa dinagdee goorooratti hirmaachisuufi iftoomina uumuun danda'ameera.

Kunis imammata bahe kana hordofee carraawwan haaraa gama faayinaansii, daldalaafi investimantiif biyyi keenya akka fayyadamtu ni dandeessisa. Tumsi walta'iinsaafi qindoomni akkasii kun guddina dinagdee damee dhuunfaaf carraawwan bal'aa uuma.

Sagantaa fooyyessa dinagdee gooroo kanaan tarkaanfiwwaniifi faayidaalee guguddoon irraa eegaman ilaachisee deeggarsa Dhaabbata Maallaqa Addunyaa, Baankii Addunyaafi tumsitoota misoomaa kanneen biroorraa argamu biyya keenyaaf bu'aawwan hedduu akka argamsiisu eegama.

### Tarkaanfiwwan imaammataa sagantaa fooyya'iinsa dinagdee gooroo fi faayidaalee guguddoo eegaman:

Sirni sharafa alaa gabaarratti hundaa'e akka tilmaamamu. Adeemsi gurgurtaa sharafa alaa gabaarratti akka hundaa'u,

Hammattoowwan hordoffiifi deeggarsaa ni diriirsa. Kanaanis manneen hojii ministeerota dhimmichi ilaallatuufi gama dhaabbilee

mootummaan hordoffiifi deeggarsi barbaachisaa ni taasisama.

Gama dhaabbilee dhimmi ilaallatuun raawwiin hojimaata imaammataa akka jiraatuuf mootummaan hoggansi fooyya'iinsa imaammataa cimaa akka jiraatu ni mirkaneessa.

Gama biraatiin mootummaan dhaabbilee dinagdee gooroo keessatti gahee olaanaa qaban, Baankii Biyyaaleessa, Ministeera Maallaqaafi Ministeera Karooraafi Misoomaaf deeggarsa taasisuun humna dhaabbilee kanneeni ni cimaa.

Dhaabbileen kunneen imaammata dinagdee gooroo baasuufi hojiirra oolchuun akkasumas hordofuufi qorachuun gahee olaanaa taphatu.

Haaluma walfakkaatuun sagantaa fooyyessa dinagdee gooroo deeggarsa walitti qabuuf qaamolee dhimmi ilaallatu hunda faana walittidhufeenya ifaa ni uuma.

Hojiiwwan kutaalee hawaasaa saaxilamoo ta'an deeggaruu dandeessisanis ni raawwata. Deeggarsi sagantaalee seeftineetii hawaasaa ni taasisamaaf.

Hojjattoota mootummaa galii gadaanaa qabaniif dhiibbaa yeroo gabaabaa fooyyessi dinagdee gooroo geessisuu malu to'achuuf deeggarsiifi fooyya'iinsi mindaa barbaachisaan yeroo murtaa'eef ni taasisama.

Daballii gatii boba'aa mootummaan harka walakkaan kan hirphu ta'a. Adeemsa fooyyessa dinagdee gooroo kanarratti qorannoon ittifufiinsa qabu ni taasisama.

Adeemsa fooyyessa dinagdee gooroo ilaalchisee rakkoo bulchiinsa gaariifi alseerummaa dinagdee keessatti mudatu to'achuuf mootummaan hordoffii cimaa taasisuun tarkaanfii ni fudhata.

Riifoormii dinagdee gooroo ilaalchisee dhimmoonni biroo bal'inaan gama Ministeera Maallaqaafi Baankii Biyyaaleessaatiin kan ibsaman ta'u.

## AADAIFI AARTII

# “Ummanni Oromoo qaama kamuurra uumama wajjin hariiroo cimaa qaba”

- Doktor Dirribaa Tarrafaa

## Charinnat Hundeesaatiin

Doktor Dirribaa Tarrafaa Kiisii ammaan tana Daarektara Inistiitiyuutii Qo'annoofi Qorannoo Oromoo ta'anii tajaajilaa kan jiran yoo ta'u, hayyuun kun keessumaa dhimma waaltinaafi caasluga Afaan Oromooratti waggoota dheeraaf hojjechuun beekamu.

Hayyuun kun digrii jalqabaasaanii Afaaniifi Ogbarruudhaan, digrii lammaffaa Afaan Oromoofi Ogbarruudhaan digrii sadaffaa ykn digree doktareetii ammoo Fooklooriifi Ogbarruudhaan Yunivarsiitii Finfinneerra argataniiru.

Qophiilee kitaaba barnootaa kutaalee adda addaa, galmee jechootaa, kitaaba WIIRTUU, akkasumas qophii mooloota kolleejotatti ittiin barsiisuuf oolu Afaan Oromootiin qopheessuu, haalatti miidiyaaleen Afaan Oromoo itifayyadamarratti qo'annoo geggeessuun, hiika afaanotaarratti walumaagalatti dhimmoota guddina Afaan Oromoo, duudhaa, safuu, aadaafi seenaa Oromoo ni gumaachu jedhaman hundarratti of qusannaa tokko malee of kennanii hojjechaa jiru.

Hayyuu cimaa kana dabalatee Yunivarsiitii Finfinnee barana yeroo jalqabaatiif Afaan Oromootiin digrii sadaffaatiin (doktareetiidhaan) eebbisiiseera. Bariisaanis seenaa haaraa galmaa'e kana ka'umsa godhachuun eebbifamaa Doktor Dirribaa Tarrafaa wajjin turtii gabaabaa kan taasisse yoo ta'u, innis akka itaanutti dhiyaateera.

**Bariisaa: Yunivarsiitii Finfinnee seenaasaa keessatti barana yeroo jalqabaatiif barattoota Afaan Oromootiin digrii doktareetiin eebbisiiseera. Isin ammoo qaama seenaa jalqabaa kanaati. Doktor Dirribaan waa'ee kanaa akkamitti ibsu mee?**

**Doktor Dirribaa:** Dhugaa dubbachuuf kun seenaa guddaadha. Yunivarsiitii Finfinnee yunivarsiitiiwwan biyya kanaatiif hangafa; yunivarsiitichi Itoophiyaa qofatti otoo hintaane naannawuma gaanfa Afrikaattuu darbees akkuma addunyaattuu daran beekamaadha, guddaadhas.

Yunivarsiitii guddaafi beekamaa kana keessatti Afaan Oromootiin sadarkaa 'PhD' (digrii 3ffaatti) barnoonni Afaan Oromoofi fookloorii kennamuun guddina afaanichaa keessatti iddoo olaanaa qaba. Kun seenaa baruu barsiisuu biyya kanaa keessatti bakka guddaa qabuudha.

Yunivarsiitii kana keessatti kanaan dura namni Afaan Oromootiin sadarkaa kanatti barachuu, ittiin qorachuu mitii Oromoon akka Oromootii ani Oromoodha ofiin jechuufuu iddoo daran itti sodaatamu ture. Dhiibbaawwan adda addaas turaniiru.

Seenaa sanatu jijjiirameeti egaa Afaan Oromoo sadarkaa digrii sadaffaati, isayyuu fooklooriifi barnoota ogbarruu Afaan Oromootiin kan kennamu. Kennamuu qofa otoo hintaane yeroo jalqabaatiif sadarkaa kanaan barattoota afur eebbisiisuunsaa seenaafi jijjiirama guddaadha. Seenaa baruu barsiisuu Afaan Oromoo, akkasumas qo'annoofi qorannoo Afaan Oromoo keessattis iddoo olaanaa kan qabuudhas. Jalqabbiin kun guddina Afaan Oromootiifis gumaacha olaanaa kan buusuudha.

Anis akka nama tokkootti carraa kana argachuu kootti dhugaa dubbachuuf gammachuu guddaatu natti dhaga'ame. Akka Oromoo tokkootti Afaan Oromootiin baratani eebbifamuun daran nama gammachiisa.

**Bariisaa: Dubbistootuma keenya yaadachiisuuf sirnoota darban keessatti Afaan Oromoo akkamiin ibsama?**

**Doktor Dirribaa:** Egaa Afaan Oromoo sirnoota darbanitti akkam akka ture waantota baay'ee kaasuu dandeenya. Dhalli Oromoo afaansaatiin barachuu, barsiisuu, afaan Oromootiin qo'annoofi qorannoo taasisuu, afaan miidiyaa taasisuu, afaan ogbarruu taasisuu mitii Oromummaadhumasaatiifuu yeroo itti shakkamaa tureedha. Yunivarsiitii kun ammoo sadarkaa kanatti Afaan Oromootiin



barsiisuu dhiisii Oromoodhuma achi keessa hojjetuyyuu baay'ee hinargitu ture. Yoo argames dhiibbaawwan adda addaatu irra gahaa ture.

Inni kun amma faallaa ta'ee dhugumatti seenaatu hojjetame. Kun nu, eebbifamtootaafis gammachuu guddaadha, ummata Oromoo bal'aafis akkasuma. Guddina Afaan Oromootiifis bu'uura guddaadha.

**Bariisaa: Sila waa'ee fookloorii kaastaniirtuutii fookloorii jechuun maal jechuudha, maal maal of keessatti qabata? Maalsaa qorattan?**

**Doktor Dirribaa:** Fooklooriin waantota baay'ee of keessaa qaba. Afoola ummatafaa. Waan kana qoratteefti qayyabattee saayinsii dhimma kana faana walqabatus sirriitti xiinxaltee, baratee, dubbisteeti kan sadarkaa kanatti ittiin eebbifamtu.

Lammaffaa duudhaa Oromoos kan of keessatti qabatuudha. Kana keessatti duudhaa ummatichaa ilaalleera, baranneera, sirriitti sakattaaneerraa. Muuxannoowwan akka addunyaa, Afrikaatti jiraniifi gama kanaan beekumsa Oromoo keessa jiru hoo maal fakkaata jennee hojji guddaa sirriitti kan irratti hojjenneedha.

Fooklooriin waa'ee meeshaalee aadaas ('material culture') of keessatti qabata. Meeshaan aadaa Oromoo kun faayidaansaa maali, akkamitti eenyummaa ummata tokkoo ibsa kan jedhuufi falaasamni Oromoon kana faana qabu maal fakkaata, qaroominni Oromoon kana waliin qabu hoo akkamitti ibsama, beekumsa jiru akka Afrikaattis ta'ee addunyaatti maal fakkaata? Oromoon gama kanaan beekumsa akkamii qaba dhimmoota jedhanirratti sirriitti baranneera, qayyabanneera, qoranneerraa.

Muuxannoowwan Oromoo, Afrikaafi addunyaas sirriitti ittiin ilaallee waraqaa qo'annoofi qorannoo ittiin hojjenneedha.

Afraffaaratti fooklooriin dhimma parfoormiingi arti ykn ammoo fook arti ykn aartii hawaasaa jedhamu of keessaa qaba. Oromoon aartii, beekumsa, ogummaa akkamii qaba kan jedhu sirriitti sakattaanee muuxannoowwan akka addunyaafi Afrikaatti jiran walmaddii qabnee kanitti qoranne, baranneefi waantota hedduu itti ilaalleedha.

Yaaxxina (tiyooriiwwan) gama kanaan jiran akka biyya keenyaattis ta'ee ardiifi addunyaatti sirriitti ilaalleera. Muuxannoos akka addunyaa, Afrikaafi biyyaatti maal ta'uu qaba kan jedhanirratti barnoota kallattii ittiin keenyeedha. Waraqaan qo'annoo keenya dhimmoota kanneen bal'inaa kan of keessatti qabateedha.

**Bariisaa: Matadureen qo'annoo keessanii maalirratti xiyyeeffata?**

**Doktor Dirribaa:** Mataduree qorannoo koo, "Hariiroo Namaafi Uumamaa: Ija Ilaalchaafi Afoola Oromoo Tuulamaatiin" kan jedhuudha. Waraqaa qo'annoo kanaan beekumsa guddaa argadheera. Barreeffamoota hedduu mataduree koo kana wajjin walqabatan kanneen sadarkaa addunyaafi Afrikaatti jiran sirriitti dubbiseera, xiinxaleera. Waraqaa qo'annoo kootiin dhimma kana sirriitti gadifageenyaa hubadheera. Qo'annoon kun guddina afaan, aadaafi fookloorii Oromootiif bakka guddaa qaba.

**Bariisaa: Isin, warra barana eebbifame dabalatee hayyoota afaanichaa kaanirraa maal haa eegnu? Waan qo'attan kana keessumaa miidiyaan akkamiin ummata biraan gahuu qaba?**

**Doktor Dirribaa:** Dhugaa dubbachuuf qo'annoon adeemsifame kun guddina Afaan Oromootiif gumaacha olaanaa qabaata. Bu'uurasi. Sadarkaa digrii doktareetiitti afaanichaan qo'annoofi qorannoon gaggeeffamuun waan guddaadha. Isayyuu aadaa, fookloorii, ogbarruu, aartiifi duudhaa Oromooratti sadarkaa kanaan hojjetamuun guddina Afaan Oromootiif waan guddaa gumaacha.

Waaltina Afaan Oromooifillee iddoo olaanaa qaba. Ogbarruu Afaan Oromootiifis akkasuma. Gama miidiyaatiinis yoo ilaalle qorannooowwan kunniin miidiyaadhaafillee galtee guddaa ta'u. Miidiyaan waan qo'atameefi barreeffamee taa'ee galtee taasisata. Qorannoon hojjennee sadarkaa digrii 3ffaatti ittiin eebbifamne kun manii xumuraa miti.

Argannoo ummata keessaa walitti guurtee argatte kana deebisanii ummata biraan ga'uun daran barbaachisaadha. Hayyoonni kaanis dhimmoota aadaafi duudhaa ummatichaatiin walqabatanirratti bal'inaan hojjechuu qabu.

Waan hojjetame ammoo sheelfirra kaa'uu otoo hintaane gara imaammataafi hojjiitti jijjiiruun barbaachisaadha. Beekumsa argame kana dhaloota ittiin barsiisuufi qaruu, imaammata qophaa'u keessa galee shoorasaa akka bahatu gochuu barbaachisa.

Hojiilee qorannoo hayyoota damichaatiin qo'atame ummata biraan gahuu keessatti gumaachi miidiyaa daran olaanaadha; hojichi akkamiin hojji barsiisuu keessa galee gumaachuu akka danda'urratti karaa hubannoon ittiin uumamu keessaa tokko karaa miidiyaa waan ta'eef.

Keessumaa bu'aan qorannoo kun imaammataafi tarsiimoo biyyattiin qabatte faana deemu akka danda'uuf miidiyaan xiyyeeffannaan hojjechuu qaba. Qorannoodhuma adeemsifame kana mataduree matadureedhaan qoqqoodanii ummata biraan gahuun gumaacha olaanaa qabaata.

Kanaanis dhaloota aadaa, afoolaafi duudhaasaatti boonu horachuun nidanda'ama. Faayidaan kanaa ammoo daran olaanaadha. Kana ijaarsa biyyaa, sirna dimokraasii ijaaruufi lafa qabsiisuu, hojji baruu barsiisuufi siyaasa tasgabbeessuu keessatti gumaacha guddaa qaba.

Aadaafi duudhaa ofitiin dhaloota guddisuun daran murteessaa waan ta'eef waan hojjetame kana ummata biraan gahuun barbaachisaadha.

**Bariisaa: Hayyoonni duubaan dhufan qo'annoo kanatti akkamiin fayyadamuu qabu?**

**Doktor Dirribaa:** Qorannoon hojjetame kun akkuma qorannoo kamuu hanqina mataasaa qabaachuu waan danda'uuf hayyoonni duubaan dhufan akka rikaatti kanarra dhaabatanii waan haaraa bal'inaan baasuu danda'u. Qo'annoon kanaafis hojji ittaanuuf ka'umsa ta'uun kaka'umsa uumuuf galtee guddaa ta'ee tajaajila.

**Bariisaa: Yeroon itti eebbifamtan kun yeroo ummannis aadaafi duudhaa ganamaatti deebi'uuf, mootummaanis kanarratti xiyyeeffannaan hojjechaa jirutti. Kana waan qo'attan wajjin walqabsiisuun akkamitti ibsitu mee?**

**Doktor Dirribaa:** Kun dhugaadhuma lafa jiruudha. Biyya qarooma kamuu yoo fudhatte ummanni aadaasaa gatee guddate hinjiru. Biyyi guddachuu kan dandeesu yoo aadaafi duudhaadhaan sirna cimaa ijaarrateedha. Dhaloota duudhaa, afaansaafi aadaasaatti boonu, seenaafi eenyummaasaatti gammadee sirna siyaasaafi ijaarsa biyyasaa keessatti

# ODUU

## Carraafi cancala rakkoo...

walqabatan ilaalchisee hayyoota dinagdee waliin turtii taasiseera. Doktor Mollaa Alamaayyoo Waldaa Hayyoota Dinagdee Itoophiyaatti Qorataa Olaanaa dhimma dinagdee yoo ta'an, yeroo mara fooyyessi taasifamu kamuu carraa qofa osoo hintaane rakkoo mataasaa akka qabu dubbatu. Ammoo yoo bu'aansaa miidhaa caale fooyya'iinsi dirqama ta'uus hubachiisu.

Akka isaan jedhanitti, Itoophiyaan biyya waliigalteewwan idiladdunyaa hedduu mallatteessite waan taateef fedhiifi faayidaashee kabachiifachuuf addunyaa waliin tarkaanfachuun dirqama. Biyyootni hedduun hudhaa guddina dinagdee isaan mudate keessaa ba'uuf fooyyessa gatii sharafa alaa taasisuun carraa gaba bal'aa argachuu cinatti alergiisaanii akka guddatu taasianiiru.

Fooyyessi dinagdee maakaroo gaba addunyaa keessatti dorgomaa ta'uuf nama gargaara. Bu'uuruma kanaan Itoophiyaanis carraa gaba bal'aa argachuu cinatti akka dorgomtu ishee taasisa.

Daldalli seeraan alaa sharafa alaa argachuuf taasifamu adaba qabachuun sochiin daldalaa kamuu gara seeraatti deebi'ee guddina dinagdeetiif akka gumaachu taasisa. Gatiin sharafa alaa waan gabaadhaan murtaa'uuf abbootii qabeenyaa biyya alaa haalaan kan hawwatu, omishtummaa kan dabaluu fi carraa hojii bal'aa kan uumuu ta'a.

Haa taa'u malee, rakkoolee fooyya'iinsa gatii sharafa alaatiin walqabatani dhufan maqsuuf haaldureewwan lafa kaa'aman of eeggannoon hojiirra oolchuu baannaan gaaga'amnisaa

olaanaa ta'uu ibsanii; Itoophiyaan biyya wanti alaa galchitu (doolaara biliyoona 13.5) ta'ee fi wanta alatti ergitu (doolaara 3.5) dachaa sadiin caalutti, omishni baay'inaafi qulqullinaan guddatee madaallin gaba alaa sirreessuu baannaan qaala'iinsi gatii kan turerra daran hammaachuu akka danda'u hubachiisaniiru. Dabaluu omishaaleef ammoo abbootiin qabeenyaa haala barbaadaniin socha'ani hojjechuuf nageenyi murteessaa waan ta'ee nageenyaaf xiyyeeffannaa addaa kennuun barbaachisaa ta'uus ibsanii.

Biyyootni akka Keeniyaa, Gibxii, Morookoo, biyyoota Arabaa hedduufaan fooyyessa dinagdee maakaroo taasisan of eeggannoon hojiirra oolchuu milkaa'ana guddaa gonfataniiru. Ta'us Sudaan fooyya'iinsi gatii sharafa alaa taasiteen si'a tokkotti doolaara Ameerikaa tokko paawundii Sudaan 55 irraa gara paawundii 386tti ol ba'uun biyyattii gaaga'ama hamaaf saaxileera. Sudaan gatii sharafa alaa fooyyessitus malaammattummaafi daldalli kontiroobaandii dagachuun raafama dinagdee keessatti akka kuftuu taasiseera.

Wayita fooyya'iinsi gatii sharafa alaa taasifamu akkuma biyyoota biroo Itoophiyaanis sharafa alaa baay'inaan argachuu dandeessi jedhanii; ta'us qaawwaa jiru bal'aa waan ta'ee rakkoo qaala'iinsa gatii amma jiru furuu battalatti hin danda'u. Kunis firiin fooyya'iinsa kanaa dhawataan kan mul'atu malee taatee halkan tokkoo waan hintaaneef rakkoo fooyyessa kanaan walqabatu maqsuuf harkaqaal'eeyii hirphuu dabalatee kallattiiwwan furmaataa lafa kaa'aman hojiirra oolchuu dhimma boriiif haa

bulu jedhamu akka hintaane ibsaniiiru.

Hayyuu dinagdee biroo Doktor Qosxanxinoos Bariheetasfaa akka jedhanitti, dameen faayinaansii mootummaafi abbootii qabeenyaa biyyaa keessaa muraasaan dhuunfatamuun guddina dinagdee biyyattii quucarseera.

Jijjiirama taasifame kanaan baankotni biyya alaa affeeruun alatti gabaan kaappitaalaa akka dhaabbatu ka'umsa ta'a. Baankota alaafi gaba kaappitaalaan walqabatee abbootiin qabeenyaa biyya alaa bal'inaan Itoophiyaa seenu. Kun ammoo omishaafi omishtummaa alergii guddisuu cinatti carraa hojii bal'aa waan uumuuf guddina dinagdee biyyattii haalaan saffisiisa.

Gibxii fooyya'iinsa dinagdee maakaroo taasiteen waggaatti hawaasa dayasporaarraa doolaara Ameerikaa biliyoona 30 argachaa akka jirtu akka fakkeenyaatti kaasanii; Itoophiyaanis fooyyessa kanaan galiin dayasporaarraa argattu akka guddatuufi deggarsi maallaqaa dhaabbilee idiladdunyaarraa argattu akka dabaluu dubbataniiru. Abbootii qabeenyaa gara biyyattii dhufaniin dandeettiin biyya keessatti omishuu guddatee alergiin alaa galchuurra akka dabaluu taasijas jedhan.

Ta'us malaammattummaa, hojmaata badaafi kontiroobaandiiratti to'annaa jabaan diriiruu baannaan balaa qabaachuu dhaamani; Sudaan jijjiirama gatii sharafa alaa taasistuu dagaaguu malaammattummaafi kontiroobaandiitiin wanti alatti ergitu kontiroobaandiin waan dhuunfatameef qaala'iinsa jireenyaa hamaaf saaxileera.

Sudaan dabalatee biyyootni Afrikaa Bahaa

sababa kontiroobaandiin alergii sookootiin galiin doolaara Ameerikaa biliyoona 36 dhabuu ibsaniiiru. Itoophiyaanis horii gaanfaa, sookoo, buna, ixaanaafi dhagoota gatiyabeenyii kontiroobaandiidhaan alatti ba'aa jiran hatattamaan dhaabuu baannaan jijjiiramni kun humna dhabuu akka danda'u hubachiisaniiru.

Ministeera Karooraa Misoomaatti Raawwachiisaa Hojii Olaanaan Kutaa Bulchiinsa Invastimantii Mootummaafi Karoor Misoomaa Obbo Barakat Fissahaatsiyoon gamasaaniin akka jedhanitti, fooyyessi taasifame gatii gaba bu'uureffateeti malee hanga bittaa qarshii kan dadhabsiisu miti.

Fooyya'iinsi kun dinagdee bilisaa ijaaruu guddina saffisaaf bu'uura jaba ta'us rakkoolee yeroo mudatan maqsuuf harkaqaal'eeyii hirphuu, seefteeti gabbisuun eeggattummaarraa gara omishtummaatti, boba'aa, xaa'oo, qorichaafi shaqaxoota bu'uura hirphuu cimee ittifufa.

Fooyyessi kun imaammata maallaqaa biyyattii bu'uura taasifachuu cinatti barnoota, fayyaafi kanneen biroo haala sadarkaa bilisa jedhamuun hawaasaaf kennamaa jirutti dhiibbaan uumu yaadessaa miti jedhanii; akka tasaa qaala'iinsi gatii kan dabaluu yoo ta'e baankiin biyyaalessaa sharafa alaa eeggannoo qabu fayyadamuu akka danda'uufi qaala'iinsa gatii bu'uura gaba hinqabnes to'achuun akka danda'amu ibsaniiiru. Riifoormiin kun akka namootni tokko tokko jedhan osoo hintaane faayidaansaa, sadarkaa miidhaansaa, eenyuun akka miidhuufi miidhaa san haala kamiin maqsuun akka danda'amurratti qorannoo gadifagoon taasifamuus ibsaniiiru.

## "Hanga halkan sa'aatii 6:00tti hojjechuun..."

Waajjira lafaa wajjin walqabatee rakkoon hamaa akka turelee kaasanii keessumattuu lafa tokkoratti kaartaa hedduu laachuun burjaajjiiif hanni uumamaa turuusaan walddhabdeen namoota gara garaa gidduutti uumamaa tureera.

Walddhabdeen kun akka itti hin fufneef abbaan lafaa lafasaarratti abbummaa akka qabaatuuf tajaajilli kenniinsa kaartaa fi kaadaasteraa karaa qulqullina qabuun akka gaggeeffamuuf kutannaan hojiitti seenameera.

Hojiin kaadaastaraa kun erga eegalamee waggaa sadii kan hinguunne yoo ta'u, teknolojiin deggaramee bakkeewwan kaartarratti kaartaan dabalataa kenname seecca'uun hojmaata badaa adda baasuun alseerummaa qaabiyyee lafaarratti dhaqqabaa jiru maqsuuf hojiileen jajjabeessoo hojjetamaa akka jiran ibsaniiiru.

Alseerummaa qabiyyee lafarratti mudataa ture hordofuun ragaaleen qulqullina waan hinqabneef walitti bu'insa hameessaa, hojiin bara dheeraa waliirra tuulamaa dhufuun abbaan dhimmaa deddeebiifi baasii hinmalleef akka saaxilamu taasisaa tureera jedhu Obbo Abbabaan.

Hojjetaan dirqama hawaasa tajaajilu isatti kenname tolaan kennuu mala jedhanii; sochii amma jalqabame kanaan hojmaata badaa qabiyyee lafaan walqabatee tureefi tuullaan hojii mana hojichaa salphataa dhufuus kaasaniiiru.

Erga halkan tajaajila kennuun eegalamee ji'a tokko yoo ta'u, yeroo gabaabaa kana keessatti kaartaa hedduu laachuun akka danda'ameefi waggaa kana keessatti tajaajilli kaadaasteraa magaalaa Asallaa akka xumuramu yaadachiisaniiru. Hojii kanaan ijaarsi seeraan alaa, kaartarratti kaartaa dabalataa laachuun waliindhahuun akka

hafu himaniiru.

Hojjetaan mootummaa tajaajila qulqullina qabuufi si'ataa akka kennuuf itti fayyadamni teeknooloojii hojiirra oolaa jiraachuus ibsanii; komiin akka hin mudanneef kallattiin hordoffii diijitaalaa taasisaa akka jiran kaasaniiiru.

Deddeebiin yeroo hedduu fudhatu mudataa kan ture yoo ta'u, tajaajila si'ataa hanga halkan keessaa sa'aa 6:00tti taasifamuun dhiibbaan hojii salpataa jiraachuu kaasaniiiru.

Hudhaa kana matumaa furuuf itti fayyadamni teeknooloojii hojiirra oolaa jiraachuus yaadachiisaniiru. Tajaajilli waajjira lafaa keessatti hanga halkan keessaa sa'aa 6:00tti kennamu eegaluuusaa tuulla hojii barootaaf kuufame hir'isaa jiraachuu kan kaastummoo ogeettii waajjira lafa magaalaa Asallaa kan taate Aadde Tsahaay Nagaashi.

Tajaajila guyyaa kennamuun walqabatee abbootiin dhimmaa deddeebiifi baasii humnaa oliif saaxilamaa turaniiru kan jettu Aadde Tsahaay yoo bay'ate namoota dhibba tokko qofa waan keessummeessinuuf komiin guddaa turuu dubbatu. Amma garuu galgala hanga sa'aa jahaatti hojjetamuu eegaluuusaa hanga nama 150 olii keessummeessaa jirra jedhu.

Kanarraa kan ka'e itti quufinsi kenniinsa tajaajilaa waajjira lafaa Asallaa dabalaa jiraachuu yoo kaastu waggaa kana keessatti kaadaasteraafi kenniinsa kaartaa xumuruuf kutannoon hojjetamaa jiraachuu ibsaniiiru.

Hojjetaan mana hojichaas kaffaltii dabalataan alaafi mufii malee hanga halkan sa'aa jahaatti hawaasasaa tajaajiluunsaa aantummaa uummataaf qabu olaanaa ta'uu agarsiisa kan jette Aadde Tsahaay duudhaana kun dhaalamuu akka qabus dhaamaniiru.

## Oromiyaatti jijjiiramni haala qilleensaa...

gifraa jijjiirama haala qilleessaatiin walqabatee mudate to'achuufis xiyyeeffannaan hojjetamaa jiraachuu ibseera.

Hogganaa ittaanaan biirichaa Doktor Tasfaayee Kabbabaa ibsa kaleessa miidiyaaleef kennaniin, jijjiirama haala qilleensaatiin walqabatee Oromiyaatti dhibeewwan daddarboon kanneen akka busaa, koleeraafi gifraafaa dabalaa jiran maqsuuf hojii bal'aan hojjetameera. Naannichatti namootni miliyoona lama dhibee busaatiin qabaman yaala fayyaa argataniiru.

Ammaan tana aanaalee Oromiyaa 61 keessatti rakkoon dhibee busaa olaanaa ta'uu ibsanii; roobni amma roobu dhibee koleeraa hir'isus dhibeen busaa akka dabaluu taasisa. Dhibeen busaa kan ammaarra Fulbaanaa hanga Amajjiitti daran waan hammaatuuf of eeggannoon taasifamuu qaba jedhan. Mootummaan naannichaa bakka dhibeen kun ittihammaate godinaalee akka Iluu Abbaa Booraa, Wallagga Lixaafi Qellem Wallaggaati biifaa keemikaala bookee busaa taasifamuus eeraniiru.

Saaphanni siree bookee busaa miliyoona 12 ol raabsamuus ibsanii, inisheetiiviin to'annoo dhibee busaa hawaasa idiladdunyaa garagaraa hirmaachise

hunda'uun hojiitti seenameera jedhan.

Dhibeen gifraas godinaalee naannichaa 21 keessaa godinaalee 20fi aanaalee 186tti mudatus aanaalee 164tti to'achuun danda'amuufi namootni mallattoon dhibichaa irratti argames kuma 30 ta'uu eeraniiru. Ta'us, ammayyuu dhibeen kun aanaalee 22 keessatti waan mul'ateef talaalliin duulaan kennamaa jira jedhan.

Haaluma walfakkaatuun dhibeen koleeraa bara 2014 Godina Baalee qofatti mudatee ture sababa jijjiirama haala qilleensaatiin yeroo ammaa godinaalee Oromiyaa 13, aanaalee 126fi bulchiinsa magaalaa saddeettii mudachuu himanii; ta'us ammaan tana aanaalee 13 irraa kan hafe to'achuun danda'ameera jedhan. Aanaalee hafan keessaa dhabamsiisuufis tumsi olaanaan taasifamaa jiraachuu Doktor Tasfaayee ibsaniiiru. Dhibeen dangii Godina Shawaa Bahaa, Aanaa Fantaallefaatti mudatee ture dhabamsiifamuus ibsaniiiru.

Bakkewwan dhibeewwan daddarboo irrannatti eeraman jiranitti hawaasni taateewwan ayyaanota garagaraa kan namoota baay'ee hirmaachisurraa of qusachuu, qulqullina naannawaafi dhuunfaa eegu, yoo dhukkubsatan dafanii wal'aanaman akka barbaachisus hubachiisaniiru.

## Guyyaa tokkotti biqiltuu...

dabalatee biqiltuu biliyoona 32 dhaabbataniiru.

Dhaabbii biqilaa bara 2015/2016 biliyoona 7.5 dhaabuuf karoofame gaggeefamaa jiru keessaa hanga ammaatti biqiltuu biliyoona 6.2 dhaabbachuu himanii; dhaabbii biqiltuu bara 2016 wayita xumuruun lakkoofsi biqiltuu dhaabbatani biliyoona 40 akka ta'u ibsaniiiru.

Hawaasin ji'a Amajjiirraa eegalee hirmaannaa tajaajila lammummaatiin misooma sululaa cinatti qophii biqilaa, boolla biqilaa akkasumasa kunuunsa biqiloota dhaabatani gegeeffameera. Dabalataanis, biqilootin haala qabatamaa naannawaasaanirratti hundaa'uudhaan dhaabbataa waan jiraniif qabannaan biqiloota dhaabbatani yeroo gara yerootti dabalaa jiraachuu himanii;

bara 2011-2014tti dhibbanataa 80, bara 2015tti dhibbantaa 84 qabataniiru.

Dhaabbiin baranaaf boolli dursee qophaa'uu, biqilootni dhaabbataa jiran haala qabatamaa qilleensa naannawaan kan walsimate ta'uu akkasumas kaarataanaa bakka argama biqiloota dhaabbatan addaa baasu heektaara miliyoona tokko tuqaa shaniif qophaa'uun dhaabbii dhaabbii biqilaa baranaa adda taasisa.

Qabannaan biqiloota bara 2016 kan duraanii caalaa akka dabaluu akka danda'u himanii; galmee ajaa'ibsiisaa addunyaarratti maqaa biyyaa waamsisuufis ta'ee karoora dhaabbii biqilaa idilee geggeeffamaa jiru galmaan ga'uuf hundumatu gumaacharraa eegamu akka ba'u waamicha dhiyeessaniiru.

# “Ummanni Oromoo qaama kamuurra ...

dammaqinaan hirmaatu, sochii hawaas dinagdeerratti qooda fudhatu uumuun kan danda'amu yoo kanarratti hojjenneedha. Yoo dhaloonni eenyummaasaatti booneedha. Gama kanaan waan baay'ee hojjechuu dandeenya; waan faayidaa guddaa qabuuf.

Chaayinaan kan guddatte aadaashiiratti warraaqsaafi haaromsa guddaa geggeessuuni. Ameerikaanonnis hawaasa fookloorii jedhanii ijaarratanii aadaasaaniiratti hojii guddaa, eenyummaafi aartiisaanii fa'iratti hojjetaniiru. Ameerikaafi Afrikaarraa ammoo Naayijeeriyaattitti industiriin fiilmii iddoo olaanaa qaba.

Yaadimeen Fookloorii jedhu kan dhalate biyya Jarmanitti. Ingilizitti maqaa moggaafate, Fookloorii jedhamuun. Ameerikaatti ammoo hundeesaa jabeffate. Ameerikaatti bara 1970 Waldaan Hawaasa Fookloorii Ameerikaa jedhamuun hundaa'e hojii boonsaafi jajjabeessaa hojjeeteera. Bu'uurri guddina Ameerikaa aadaa hawaasasaaniiti. Kanaafi, aadaan guddina dinagdee keessatti iddoo olaanaa qaba kan jennuuf.

Biyyoonni kunniin warra eenyummaasaanii sirriitti ijaaran, dhaloota sirnaan guddisaniidha. Dinagdeedhaanis ciccimoodha. Kanaaf nutis waan akkasii kana afaan, eenyummaa, duudhaafi aadaa ofiitiin qo'annoofi qorannoo geggeessanii dhaloonni ammoo akka isaan hojjetu gochuun, isaanis ijaaruun, duudhaa ganamaatti deebinee safuu, eenyummaafi seenaa ofiitti boonuun guddina dinagdee, hawaasummaaf siyaasaatiif murteessaadha.

Kanaafis hojiin mootummaan gara duudhaa keenya ganamaatti haa deebinu jedhee hojjetaa jiruuf qo'annoon geggeessine kun galtee guddaa,

akka lafee dugdaatti tajaajiluudha. Duudhaa ganamaatti deebi'uu jechuun tokko isuma kana jechuudha; eenyummaa, duudhaa, safuu ofii jaalachu. Fakkeenyaaf Oromiyaatti barnoonni SAFUU oolmaa daa'immaniirraa kaasee hanga kutaa 8ffaatti kennamaa jira. Barnoonni Sirna Gadaas akkasuma.

Hojiin Buusaa Gonofaa, gaachana sirnaa, mana murtii aadaa, tajaajila lammummaafa'iratti hojjetaman waan guddaadha. Duudhaalee kanneeniin Oromiyaatti dinagdee guddaa maddisiisuun nidanda'ama. Misoomni guddaanis hojjetamaa jira.

Ummanni duudhaafi aadaa walgargaarsaa, waliin dhaabachuu, nageenya ofii eeggachuu nidanda'a. Daa'imman aadaafi safuu akka baratan taasisuu keessatti gumaacha olaanaa qabaata. Hojiin qo'annoofi qorannoo keenyas kanaaf galtee guddaa ta'a. Akka lafee dugdaattis fayyadamuu dandeenya.

**Bariisaa: Yaboo ykn guduunfaa waraqaa qo'annoo keessaniiratti maal jettan, maalis dhaamtan?**

**Doktar Dirribaa:** Waan baay'ee dhaamuun ni danda'ama. Ummanni Oromoo uumama wajjin hariiroo akka qabu agarsiisuudha. Waanin achi keessatti arge ummanni Oromoo Heera Ulfoo Jahan Waaqayyoo jedhamu qaba. Isaanis: Waaqni Ulfoodha, Dacheen ykn Lafti Ulfoodha, Malkaan Ulfoodha, Tulluun Ulfoodha, Abbaan Ulfoodha, Haati Ulfoodha kanneen jedhamaniidha.

Fakkeenyaaf isuma jalqabaa yoo ilaalle Waaqni waa hundaaf bu'uura jechuudha. Waaqa komachuu hindandeessu. Lubbuqabeeyyiifi lubbumaleeyyii mara kan uume Waaqa. Kennuus ta'e fudhachuu kan danda'u Waaqa.

Kan waa hunda uume Waaqayyoo. Waaqayyoo gaafa kanneen hunda uumu hariiroo gaariidhaan akka nama dabalatee uumamni hundi walkabajee, tokko isa kaan deeggaree, nageenyaan akka waliin jiraatuuf uume. Gaafa uumu ayyaana, safuu wajjin uume. Kan lubbuu qabus ta'e hinqabne kamuu hariiroo gaariidhaan akka nagaadhaan waliin jiraatu taasise.

Heerri ulfoo kun Gadaa dhufee darbuun kabajamuufi safeeffatamuu qaba. Oromoonis aadaasaa kana cimsachuu qaba. Dacheen ulfoodha. Dacheen akkuma argame mancaafamuu hinqabu. Hunduu heera qaba. Oromoon malkaa ykn horri ulfoodha jedha. Abbaan, haati, tulluun ulfoodha.

Heerri jahan Waaqayyoo kun yeroo hunda kabajamuu qaba. Heeronni kunniin hincaban, ittis hindabalaman, irraa hinhir'ifaman. Heerota ulfoo kanneen keessaa ammoo hawaasichi seera baafata. Seerichaan nageenyaan walgaggeessa, hariiroosaa cimsata. Nagaadhaan waliin jiraachuusaa jabeffata.

Ummanni aadaasaa ganamaatti deebi'uu qaba. Seerri ulfoo jahan Waaqayyoo kun hawaasa biratti kabajamuu qaba. Dhaloonnis kana kabajee hariiroo uumama wajjin qabu hunda karaa nagaatiin qajeelchee waliin jiraachuu qaba kan jedhuudha.

Kan biraa bakkeewwan aadaa, jilaa ummaticha biratti ulfinaafi safuu guddaa qabu. Aadaafi seenaa hawaasaa faana hidhata waan qabaniif kabajamuu qabuudha. Gama kanaan imaammanni, qajeelfamoonni cimaniin waan kana eeganiin dhaloota dhalootatti dabarfamuu qabu.

Seerri waantota aadaa, duudhaafi safuu ummataa isa ganamaa cimsan kabajee

kabachiisu jiraachuu qaba. Kanaanis uumama hundaaf kunuunsa gochuun ni barbaachisa. Ergaan yaboo keessatti eerame imaammataafi tarsiiimoo keessatti akkasumas dhaloota safuu barsiisuu keessatti daran fayyada.

Keessumaa dhaloonni abbootii, akaakayyuufi akaakileesaarraa waa'ee iddoowwan ulfoo, duudhaa, safuufi aadaa akkasumas waa'ee uumaafi uumamaa barachuu qaba ergaa jedhus yaada yaboo keessatti eereera.

Abbootiin Gadaa, abbootiin amantiifi Yuubonni ammoo ijoolleesaniin waa'ee uumamaafi duudhaalee kanneen barsiisuu akka qabanis eereera. Ummanni Oromoo qaama kamuurra uumama wajjin hariiroo cimaa qaba. Kun ammoo kabajamee dhaloonnis sirriitti baratee dabarsuun irraa eegama.

**Bariisaa: Xumurarratti dhaamsa yoo qabaattan?**

**Doktar Dirribaa:** Egaa, dhugaa dubbachuuf waanti kun akkamatti kan dhufe miti. Ummanni Oromoo qabsoo hadhaa'aa taasiseti hiree kana kan argate. Sadarkaa kanatti ammoo afaan, safuufi duudhaansaa guddatee iddoo kana gahuu keessatti hayyoonni nu fuuldura turan aarsaa qaqaalii kaffalaniiru.

Hojiin nuti hojjenne kun yaadannoosaaniif haa ta'u dhaamsa jedhun qaba. Nuti ammoo waan amma qabanne kana sirriitti cimsinee gara fuulduraatti waan aadaa, duudhaafi safuu keenya kana dhaloota sirriitti barsiisnee fuulduratti haa tarkaanfannu.

Waan seenaafi aadaa ummata Oromoo guddaa kana madaalu ammoo haa hojjennu. Waan amma ammaatti hinqoratamne ammoo qorannee haa baafnu. Isa bahee ittiin baranne ammoo gadi jennee dhaloota haa barsiisnun jedha.



# BARIISAA



Tashooma Qadiidaatiin



## Dargaggootaafi bakka oolmaa yeroo gannaa

Ji'ootni gannaa yeroo manneen barnootaa cufamaniidha. Dargaggoonniifi daa'imman bona barumsarra turan yeroo boqonnaa itti argataniidhas. Yeroo boqonnaa kana iddoowwan oolmaa isaan barbaachisa.

Kanaafuu waggaa waggaadhaan naannoleen walmorkii gannaa qopheessuudhaan dargaggoonniifi daa'imman akka irratti hirmaatan taasifamaniiru. Ammas gochaatuma jiru.

Naannolee ji'oota gannaa keessa gama kanaan hojiiwwan bu'aa qabeessa hojjechaa jiran keessaa Oromiyaan adda durummaadhaan eerama.

Nutis kanarratti Biiroo Dargagoofi Ispoortii Oromiyaatti Daarektara Barnootaafi Leenjii Dorgommii Obbo Habtaamuu Lammaa dubbiseerra.

### Haalatti dargaggoonni naannichaa yeroo boqonnaasaanii ittadabarsan

Yeroon kun yeroo gannaa waan ta'eef dargaggoonni manatti deebi'anii maatiisaanii wajjin dabarsu. Haata'u malee guyyaa guutuu maatiisaanii wajjin dabarsu jechuun rakkisaadha. Hiriyootaasaanii wajjin iddoowwan adda addaatti

yeroosaanii dabarsu. Akkuma iddoon gaariin jiru iddoon gadheenis jiraachuu danda'a. Dargaggoota qofa miti hojjettoonni waajjiraalee adda addaa keessumaa kanneen akka manneen murtii ganna keessa ji'oota muraasaaf waan cufamaniif boqonnaarra turu.

Kanaafuu bieroon keenya hojjettoonniifi dargaggoonni yeroo haara galfannaasaanii shaakala ispoortiiifi iddoowwan bashannanaatti yeroo gaarii akka dabarsan gochaa jirra.

Kaayyoon kanaa dargaggoonni naannichaa qaama cimaa, sammuu ifaafi lammii guddina biyyaaf tattaafatu horachuudha. Akkasumas dargaggoota dandeettii qaban filachuudhaan gara pirojektii leenjii ispoortiiwwan adda addaatti akka makaman gochuudha.

### Umrii hirmaattotaafi akaakuuwwan ispoortii

Akkuma beekamu sochiin ispoortii umriidhaan hindaangeffamu. Namni sochii qaamaatiin dandeettii qabu kamuu hirmaachuu danda'a. Daa'imman waggaa jahaa kaasee dargaggootaafi ga'eessonni umrii 40fi isaa oli hirmaachuu danda'u jechuudha.

Akka naannichaatti akaakuuwwan ispoortii 24n galmootaafi dirreewwanirratti sochiin ispoortii ni taasifama, leenjiiis ni kennama. Fakkeenyaaf kubbaawwan miilaa, saaphanaa, harkaa, kachoo akkasumas atileetiksii, bunyaa, ulfina kaasufaan jira. Teenisa miinjaalaa, dirree, ispoortii aadaa, maarshaal aartii, kaaraatee, worldi tekuwaandoo, juudoofi wushuu dabalatee sanyiiwwan ispoortii torbaan leenjiiin naannoorraa kaasee sadarkaalee adda addaatti kennamaa jira. Garuu godinaaleen hundi dhimma kanarratti walqixa socho'aa hinjiran. Godinaaleen tokko tokko akaakuuwwan ispoortii 17n, kaan saddeetiifi isaa gadiinis leenjisa jiru. Bieroon keenyas hordoffii ni taasisa.

### Bu'aa sochii ispoortii keessumaa kan yeroo boqonnaa

Bu'aan ispoortii argamu dargaggootarraa muldhachaa jira. Ijoolleen gammadoo ta'anii guyyaasaanii dabarsaa jiru. Maatiisaaniif ni ergamu. Ispoortii qofa osoo hinta'in hojii tola oltummaarratti bobba'u. Sochiin kun dargaggoonni yeroosaanii iddo hintaanetti akka hindabarsine taasisa jedhan Obbo Habtaamuun.

Gama biraatiin Magaalaa Jimmaatti kan argamu

leenjisaan ispoortii tekowaandoo Maastar Abdulmannaan Daliin Abbaa Foogii akka jedhetti, kilabiin Worldi Tekuwaandoo bara 2009 hundaa'e Magaalaa Jimmaafi naannawsheerraa dargaggoota walitti qabee leenjisa jiraachuu eereera.

Barattoonni ganna kana barumsa xumuranii waan dhufaniif dargaggoota hedduu qabna. Dargaggoota dandeettii addaa qaban filachuudhaan dorgommiirratti hirmaachisaa jirra. Akka Oromiyaattis ta'u biyyaatti dorgommiwwan baay'een waan jiraniifi xiyyeeffannoon irratti hojjechaa jira. Akka magaalattis pirojektiiin waan jiruuf dargaggoonni 200 ol leenjii'aa jiru.

Ispoortiiin tekuwaandoo hunda caalaa sammuu dargaggootaarratti hojjeta. Nama kabajuun dirqama, ajajamuun dirqama. Worldi Tekuwaandoon keenya hojiiwwan tola oltummaarratti bobba'udhaan lammilee harkaqaal'eeyyii gargaaraa jira. Biqiltuu dhaabuudhaanis ga'ee nurraa eegamu bahataa jirra. Dargaggoonni keenya dhiigas ni arjoomu. Ani mataa kiyyaan umrii koo 26tti yeroo 23fi dhiiga arjoomera jechuun ibseera.



Dorgommii suksuka dhiiraa

## Olompikii Paariisitti sochii atileetota Itoophiyaa

**Finfinnee:** Olompikii 33ffaan Paariis erga jalqabamee guyyoota sagal yoo lakkoofsisu, Itoophiyaan akaakuuwwan ispoortii atileetiksitiin dorgommii kan jalqabde dheengadda.

Dorgommii suksukii kiiloo meetira 20 dhiirota jidduutti dheengadda adeemsifameen atileet Misgaanaawu Waaqumaa sa'aatii 1:19.31n raawwachuun 6ffaa bahee dippiloomaa argamsiiseera.

Seena dorgommii suksukii olompikiitti, atileetiin Itoophiyaa sa'aatii akkanaatti yoo xumuru Misgaanaawu kan jalqabaa isa taasisa. Itoophiyaan dorgommii kanarratti atileetii tokko qofaani kan hirmaatte.

Akkasumas fiigicha gulaalaa meetira kuma tokkoofi 500 kaleessa adeemsifameen dhiiraan

Saamu'eel Tafarraafi Eermiyaas Girmaa marsaa ittaanuuf darbaniiiru.

Qabxiisaanii maxxansaaf nu dhaqqabuu baatus, dorgommiin gulaalaa meetira kuma shanii dubartootaan Gudaaf Tsaggaayee, Ijjigaayyoo Taayyeefi Madiinaa Iisaa; fiigicha meetira 800n Tigisti Dhugumaa, Habtaam Alamuufi Warqinash Mallasaa; fiigicha meetira kuma 10 dhiiraan ammoo Solomoon Baaraggaa, Barrihuu Aragaawwiifi Yoomiif Qajeelchaa ni hirmaatu.

Itoophiyaan Fiigicha meetira kuma 10n dhiiraatiin meedaaliyaa warqii jaha yoo argattu, Mirutsi Yifxarfi Salamoon Baaraggaatiin meedaaliyaa takka, takka; Haayilee Gabresillaaseefi Qananiisaa Baqqalaatiin meedaaliyaa lama lama argachuun, walumaa galatti Itoophiyaan meedaaliyaa warqii jaha argachunshee kan yaadatamuudha.

## Rifoormiin taasifame rakkoo...

dhukkubasaarraa fayyuuuf heexoo dhuguu, gara jalqabaatti rakkoolee riformicha hordofee mudachuu malanitti furmaata kennuun egeree dinagdee biyyattii tolchuun dirqama ta'uu hubachiisaniiru.

Muuxannoo biyyoota addunyaa rifoormiwwan garaagaraa bu'a qabeessa fudhachuun, ogessoota dinagdee biyyattii angafoota waliin mari'achuun hojiitti kan galame ta'uu himanii: rifoormichi gama dinagdeetiin Itoophiyaan addunyaatti akka makamtu kan taasisudha jedhaniiru.

Murtoo rifoormii kanas ta'ee biyyattii keessatti hojiiileen haarofti biroo akka hojjetamanif yoommuu jalqabaman burjaajitu baay'ata. Murtoo kanarratti qofa osoo hin taane gabaa kaappitaafi mobaayil baankiingiirrattu burjaajjiin akka ture yaadachiisaniiru.

Guddina dinagdee biyyattiif rifoormichi murteessaa ta'uus, kontirobaandistoota harkasaanii waan qabuuf rifoormiha busheessuuf yutubaroota qarshiidhaan bituun iyyisiisaa kan jiran ta'uu himanii; yoo tokkummaan hojjetame rifoormichi waggoota kurnan dhufan keessatti dinagdee biyyatti kan olkaasuudha jedhaniiru.

Tarkaanfii rifoormii kanaan namootni galii gadaanaa qaban

akka hin miidhamne gochuuf ni hojjenna. Hojjetaan mootummaa akka hin miidhamneef sirreeffama mindaaf kan oolu baasii dabalataa qarshii biliyoona 90 murtaa'eera. Hojjetaan mootummaa mindaansaa qarshii 1,500 gad ta'e akka hin miidhamneef mindaansaa dhibbantaa 300n akka guddatu murtaa'eera.

Haaluma walfakkaatuun qonnaan bulaanis akka hin miidhamneef xaa'oo hirphaan dhiyeessuun kan itti fufu ta'a jedhanii; harka qalleessi magaalaa jiraatus akka hin miidhamneef seeftineetiidhaan hammatamee akka gargaaramuf karoori ba'uu himaniiru.

Murtoon kun waggoottan kurnan dhufan keessatti dinagdee biyya keessaa keessatti gaheen sektara qonnaa dhibbantaa 10 gad akka ta'u idaan biyyaas dhibbantaa 8-10tti akka gadi bu'u ni taasisa. Haaluma walfakkaatuun galii biyyattiin alergiirraa argattu keessa dhibbantaa 10 gadiin idaan biyya akka kaffalamu, dhibbantaa 90 misooma biyyaaf akka oolu ta'a.

Daldalootni seeraan ala sooramuu barbaadan kontirobaandistoota waliin ta'uun qala'iinsa gatii uumuuf waan socho'anif hojiin olaantummaa seeraa mirkanessuu uummata hirmaahise kan hojjetamu ta'a.